



Kallacha Oromiyaa

**Jijjiirama
hundagaleessaaf
Odeeffannoo sirrii!**

Bara 32

Lakk. 42

Hagayya 22 bara 2017

Gatiin qar. 20

"Tarsiimoon qabeenya dilbii biyyattiin qabdu giddugaleeffatee baadiyyaafi magaalatti hojiirra oolaa jiru jireenya lammiilee jijjiiraa jira"

Obbo Kaffaalew Tafarraa

Kutaa Qopbiitiin

Qabeenya dilbii biyyattiin qabdu giddugaleeffatee tarsiimoon baadiyyaafi magaalatti hojiirra oolaa jiru jireenya lammiilee jijjiiraa jira jedhan Itti Gaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Kaffaalew Tafarraa.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Kaffaalew Tafarraa Godina Harargee Bahaa Aanaa Dadar Magaalaa Qobbootti inisheetiiviiwwan misooma qonnaa magaalaa kanneen akka gabbisa horiifi horsiisa lukkuu dabalatee hojiilee misoomaa kanneen biroofi kenniinsa tajaajila caasaa Gamndaa haaraa daawwataniiru.



Obbo Kaffaalew Tafarraan Badhaadhinaatiin gaggeeffamu daawwannaa hojiilee misoomaa qabeenya dilbii biyyattiin qabdu taasisan kana booda yaada giddugaleeffatee tarsiimoon Gara fuula 14tti

Aadaa walgargaarsa hawaasaa cimsuun, rakkoolee nam-tolcheefi uumamaa mudatan salphisuurratti hojiin jajjabeessaan hojjetamuu Buusaa Gonofaa Oromiyaa ibse

Taammanaa Gammadaatiin

Humnaafi beekumsa uummataa qindeessuun rakkoolee uumamaafi namtolchee mudatan salphisuu akkasumas aadaa walgargaarsaa cimsuurratti hojileen jajjabeessaan hojjetamuu Buusaa Gonofaan Oromiyaa beeksiseera.

Biiron Kominikeeshinii Oromiyaa sagantaa Gumii Balbalooppiinsa sochii Buusaa Gonofaa waggoottan



muraasa darban keessatti taasisaa ture keessatti hanqinaalee mul'atanirratti

iftoomina uumuuf marii hoggantoota Buusaa Gonofaa waliinii guyyaa Dheengaddaa taasisera.

Marii kunis bu'aa qorannoo godinaalee 18 fi bulchinsa magaalota 19 irratti namoota kuma 10 ol hirmaachisuun gaggeeffamerratti xiyyeeffachuun Buusaa Gonofaa Oromiyaa waliin kan mari'atameedha.

Hoogganaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa Obbo Gara fuula 14tti

Bara kana Avokaadoo kiiloogiraama kuma 500 gabaa alaatiif dhiyeessuuf hojjachaa jiraachuu Waajjirri Qonnaa Godina Iluu Abbaa Boor ibse

W/K/Godinichaatiin

Bara kana oomisha Avokaadoo Sanyii fooyya'aa kiiloogiraama kuma 500 yeroo jalqabaatiif gabaa alaatiif dhiyeessuuf hojjachaa jiraachuu Waajjirri Qonnaa Godina Iluu Abbaa Boor ibseera.

Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Bachootti oomisha avokaadoo sanyii fooyya'aa "Hass" jedhamu gabaa

biyya alaatti erguuf sassaabbiinsaa eegalameera.

Itti Gaafatamaan Waajjira Qonnaa Godina Iluu Abbaa Boor Obbo Chalaachoo Addunyaa, Mootummaan imaammata qonnaa qonnaan bultoota fayyadamoo taasisuu bocee hojirra oolcheen godinichatti oomisha Avokaadoo sanyii fooyya'aa Gara fuula 14tti



Shaallaatti kenna tajaajila lammummaan deeggarsi garagaraa qar. mil. 23 olitti tilmaamamu harka qalleeyyiif taasifame

W/K/Godinichaatiin

Godina Arsii Lixaa Aanaa Shaallaatti kenna tajaajila lammummaan deeggarsi garagaraa qarshii miliyoona 23 olitti tilmaamamu harka qalleeyyiif taasifameera.

Hojiin kenna tajaajila lammummaa dhaloonni akkaataa duudhaa Sirna Gadaatiin gahee lammummaa saa akka bahu taasisuun dhaloota dandeettii, gahumsaafi jaalala biyyaa cimaa qabu ijaaruun beekumsa, dandeettiifi qabeenya haawaasaa qindeessuun biyya badhaatuu ijaaruun fayyadamummaa uummataa mirkaneessuuf yaadamee inisheetivii bocamedha.

Saganticharratti kan argaman Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhina godinichaa Obbo Wandimmuu Roobee mootummaan Paartii Badhaadhinaan hogganamuu rakkoo hawaasummaa furuuf sabni Oromoo dudhaasaa ganamaatti deebi'uudhaan aadaa walgargaarsaafi waliif birmachuu akka dagaagsuuf hojii hojjatamaa jiruun lammiileen jireenya gadadoo keessa jiraata turan abdi horatanii jireenya fooyya'aa akka jiraatan taasifamaa jiraachuu himaniiru.

Akka godinichaattis aanaaleefi bulchiinsota magaalatti kenna tajaajila lammummaan hojileen hedduun xiyyeeffannoon hojjatamaa jiraachus eeraniiru.

Ittigaafatamtuun Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'imman godinichaa Aadde Maliyaa Tufaa kenni tajaajila lammummaa hojii Rabbiifi nama biratti jaalatamu ta'uu eeruun, hojii hojjatamaa jiru kanarras lammiileen hedduun fayyadamoo ta'uu himaniiru

Bu'uuruma kanaan tibbana Aanaa Shaallaatti kenna tajaajila lammummaatiin deeggarsi garagaraa qarshii miliyoona 23 olitti tilmaamamu harka qalleeyyiif taasifamuu bulchaa aanichaa Obbo Bayyanaa Quufaa himaniiru.

Namootni deeggarsi taasifameefis gammachuu qabaachuu dubbataniiru.

Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!

Beeksisa

Arsii

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Makiliit Damee Awaash Malkaasaafi M/A/Idaa Aade Soofiyaa Umar jidduu falmii dhimma raawwachiisaa jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Awaash Malkaasaa keessatti maqaa Aade Soofiyaa Umariin galmaa'ee argamu, lakk. kaartaasaa W,B,I,F,LM.22/495/28/2012 ta'e,tilmaama gatii ka'umsaa caalbaasii qarshii 950,000n caalbaasii ifaa ta'een gaafa 13/01/2018 sa'aatii 3:00 - 6:00tti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomtanii bitachuu barbaaddan kabachiisa ka'umsa caalbaasiirraa qarshii ¼ baakniitti qabsiistan ykn harkatti qabatanii guyyaafi sa'aatii jedhametti qaamaan iddoo manni kun argamutti qaamaan dhihaattanii caalbaasii irratti hirmaachuun bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii.

Dr. Urgeessaa Birruu waraqaan qabiyyee lafaa kaartaa lakk. isaa 13749, Lakk.Galme 22610, ballina iddoo M² 1220, sadarkaa iddoo Iffaa, tajaajila iddoo College/Guest House ,dheerina gamoo G+3 ta'e,Ganda Awaashoo kessatti argamu kan ta'e, najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee

Dr. Urgeessaa Birruu waraqaan qabiyyee lafaa kaartaa lakk.isaa 9307,lakk.galme 22610,ballina iddoo M²30.720, sadarkaa iddoo Iffaa ,tajaajila iddoo University dheerina gamoo G+3 ta'e, Ganda Awaashoo keessatti argamu ,na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee

Aade Jamiilaa Abdulqaadir Umar Magaalaa Asallaa Ganda 13 keessatti iddoo mirkanaa'eeffii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 9766/68/2009 ta'een galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate ragaan abbaa qabiyyee kan biroo kan kennamuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa

Baale

Obbo Birhaanuu Baqqalaa lafa mana jireenyaa Bulchiinsa Magaalaa Roobee Kutaa Magaalaa Zeebyalaa Walashee Ganda Boolee Tokkummaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu,lakk.galme B-1283 ta'e Lakk. kaartaa isaa --- kan ta'e ,haften isaa mana galme keessaa waan dhabameef galmeen yeroo akka banamuuf iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate galmeen yeroo banameeffii tajaajila barbaadan hunda kan kenninuuf ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee

Boorana

Caalbaasii Bittaa Meeshaalee Bara 2018

Waajirrii Maallaqaa Magaalaa Mooyyalee Meeshaalee **Dhumeeyyii Biiroo Keessaa,Meeshaalee Dhaabbii, Meeshaalee Elektirooniksii, Goommaa Konkolaata fi Uffataa seera Hojjattoota Baraa Baajata 2018'**f tajaajilaa sekteroota sadarkaa magaala jiraniif barbaachisan dorgomtoota ulaaga guutan dorgomsiisuun bituu barbaada. Kanaafuu daldaaltoonni hojii akkanaa irratti bobbaatanii **haayyamaa daldaalaa Baraa 2018 haaromfamee waraqa ragaa galme dhiyeessummaa fi waraqa raga galmaa'aa vaattii ta'uu keessan agarsiisu** kooppii isaa qabachuun guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee Waajjira Maallaqaa Magaala Mooyyalee Kutaa Garee Bittaaatti argamuu Sanada Calbaasii Qarshii hin deebine **500 (Dhibba Shan)** Akkaawuntii **1053245251219** tti galii taasisuun tokkoo tokkoo sanadatiif kaffaluun hanga **guyyaa hojii 15** ^{ffaatii} **bitachuun dorgomuu ni dandeettu. Caalbaasiin kan cufamu guyyaa hojii 16** ^{ffaa} **sa'aatii 4:00 irratti yommuu ta'uu kan banamus guyyuma kan sa'aatii 4:30 irratti.** Waajjirichii filannoo fooyya'aa yoo argatee calbaasii gar-tokkeenis ta'ee guutumaan guutuutti haquuf mirga guutuu kan qabu ta'uu isaa ibsina. **Odeeffannoo dabalataaf Lakk. Bilbila:0986750145 ykn 0930812436 Waajirrii Maallaqaa Magaala Mooyyalee**

Aade Maasrasha Zakiyoos qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana daldalaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Bururii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M²5.25 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa QMQ.275/049 ta'e,Obbo Waraaqee Badiruutti gurgurareera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Alamu Ayyalaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Dannisaa Oliyee keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 160 irratti argamu ,lakk.saayit pilaanii isaa 11232/BMN/01/01/02 ta'e,Obbo Mallasaa Mokonnin Abarratti gurgurareera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa'uu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa

Gujii

Obbo Darajjee Siisaay mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa OR003020202022 kan ta'e Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 200 irratti argamu Obbo Arbaa Bokkootti gurguradheera jedhaniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate maqaa gara fudhattootaatti kan naanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo.

Aade Innaat Dammalaash Seefuu mana jireenyaa lakk. isaa OR043022909004 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda L/Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina M² 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 3527/13 kan ta'e Obbo Gosaayee Neenqoo Waaqootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaani dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Saamsoon Dammallaash Seefuu mana jireenyaa lakk. isaa OR043022909005 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda L/Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina M² 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 3312/13 kan ta'e Obbo Gosaayee Neenqoo Waaqootti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaani dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Boonsaa Daadee Haroo mana jireenyaa lakk. isaa AW/OD/094 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Odaa Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina M² 500 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu lakk.Kaartaa isaa 3299/2012 kan ta'e Obbo Caalaa Adoolaa Waraasaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaani dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Mossuu Kokobuu mana jireenyaa lakk.isaa OR003020409020 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M²388.5 irratti argamu Obbo Geetaachoo Dajaneetti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Mi'eessaa Kottolaa mana jireenyaa lakk.isaa OR003010903003 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M²209.5 irratti argamu Obbo Mimmii H/Maariyaamitti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Mossuu Kokobuu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 384 irratti argamu Obbo Geetaachoo Dajaneetti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aade Shuunkaa Angishuu Tukkee mana jireenyaa lakk.isaa AW/GOD/386 kan ta'e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Q/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina M² 200 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 4370/13 kan ta'e Obbo Kamaal Abdurahimaanitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaani dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Balistii Chaalee Taaddelee mana jireenyaa rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Birbira Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina M² 160 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 5248/14 kan ta'e Alamnesh Warquutti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaani dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Karayyuu Gonboo mana jireenyaa lakk.isaa OR003020114017 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 250 irratti argamu Obbo Deegaa Iddeemaatti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Masaay Asabee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 200 irratti argamu Aade Abunee Balaainehitti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Indalkaachew Fallaqa mana jireenyaa lakk.isaa OR003030210023 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Biiqaa Fooraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 237.5 irratti argamu Obbo Asfaawu Milkiyaasitti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Abdurahiman Mangee Waadoo mana jireenyaa rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu Ganda Q/Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone ballina M² 160 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 2570/14 kan ta'e,Obbo Taaddasaa Shergaxeetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaani dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneessinuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Nootee Dhekkamaa Magaalaa Bulee Horaa Ganda Qachaa Ya'aa mana Jireenyaa balbala lamaa lakk.kaartaasaa BH/1236/N.290/2016 ta'e ,ballina M² 213.5 irratti argamu Obbo Dajane Girmaatti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bulee Horaa

Obbo Balaxxaa Kabbadaa mana jireenyaa lakk.isaa OR003020104018 ta'e, Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu kaaree meetira 500M² irraa hirisani ballina M² 250 kan ta'e Obbo Taarikuu Amdeetti gurgureera jedhaniiru,. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Wabii nyaataa mirkanneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa



Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biirroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiyaa@gmail.com Websayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Hidhni Haaromsa Guddicha Itoophiyaa Injifannoo dhaloota haaraati !

Hidhi Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa gamtoomina, kutannoo, gootummaafi miirri ni danda'ama jedhu kan itti mirkanaa'e injifannoo dhaloota haaraati.

Injifannoon kunis humni waloome firii buusuu akka danda'u kan itti addunyaatti ragaa baasifameedha. Akkuma beekamu Itoophiyaan biyya birmadummaa ishee dhiigaafi lafee aarsaa itti kaffaluun weerartootarraa eegsifatteedha. Kunimmoo gootummaa Itoophiyaanotaa qofaayyuu osoo hin taane gootummaa gurraachotaa kan calaqqisiisuudha. Kanaaf immoo injifannoon Adwaa ragaa jiraataadha. Waanta'eef seenaa keessatti bara baraan kan yaadatamuudha.

Har'as Itoophiyaan gootota dirree kamittuu injifachuu danda'u dhaloota haaraa horatteetti. Dhaloonni haaraan kun injifannoo cululuqaa akka Adwaa 2ffaatti ilaalamu Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa humna, beekumsaafi qabeenya lammiisheen dhugoomsuu danda'eedha.

Hidhi Haaromsa Guddicha Itoophiyaa coba dhiigaa, cophaa dafqaa, coba imimmaaniifi coba bishaanii ta'uusaatiin mallattoo jiraataa ta'ee dhalootaaf ragaa baha. Akkuma dhalootni darbe birmadummaa biyyaa eegsisee nu dhaalchise, dhaloonni har'aas walabummaa dinagdee gonfachuufi hiyyummaa seenaa taasisuuf gootummaa agarsiisaa jira.

Hiyyummaa seenaa taasisuun birmadummaa Itoophiyaa guutuu gochuuf pirojeektota meeggaa jalqabsiifaman keessaa Hidhi Haaromsa Guddicha Itoophiyaa angafummaan kan eeramudha.

Hidhi Haaromsaa pirojeektii seena qabeessa hirmaannaa lammilee Itoophiyaatiin ijaaramaa jiru yoota'u bittaa boondiifi arjoomaa lammilee Itoophiyaatiin ashaaraa dhaloota haaraa kaa'amedha. Kanaan deeggarsa alaa tokko malee, kan ijaarame Hidhi Haaromsa Itoophiyaa pirojeektii guddichaa Itoophiyaan danda'uu ishee ittiin mul'ifte mallattoo sabboonummaa injifannoo Adwaatti aansee galmaa'e (Adwaa 2ffaa) dha.

Keessattuu hoggansi jijjiiramaa mallattoo birmadummaa akka Adwaa lammaffaatti kan ilaalamu hidha kana qaaxxee kallattii adda addaan itti qaaxxa'aa ture qolachuu keessatti hojii gama dippiloomaasiin hojjeteeffijjennoo hin warraaqne hidha koo jechuun keessa seentummaa kamuu qolachuu saba, sablammootaafi uummata biyyattii biyya keessaafi alaa hirmaachiseen bu'aan argame dhalootni kun xurree dhaloota injifannoo Adwaa kan irra deebi'eedha. Pirojeektii misoomaa biroofillee (gara fuulduraatiif) illee miira ofitti amanamummaa uummataafi mootummaa kan daran dabaluuudha.

Walumaa galatti milkaa'inni hidha kana ilaalcha tokkummaafi humna sabdaneessummaa, maqaa gaarii Itoophiyaafi hoggansa tarsimaa'aa roga gaariin olkaaseedha. Gama biraatiin bayyanachuu Itoophiyaaf bu'ura guddaadha, akkasumas imala milkaa'ina biraaf kan kaadhimuudha.

Raawwii karoora hojii Biirroo . . .

xiyyeeffachuun barreeffamni qophaa'ee guutuu Oromiyaatti karaa caasaalee Biirichaa duulli sosochii barumsa hubannoo seeraa dhimma daldalaan wal qabatu torban tokkoof labsuun hojii hubannoo seeraa kennuu bal'inaan hojjetameen bu'aaleen armaan gadii kun dhufuu ragaa qaamni ilaallatu kennerraa hubatameera.

- Namoonni hayyama daldalaa malee hojjechaa turan 4,635 hayyama baafatanii jiru, kanneen hayyama daldalaa osoo hin haaromsin hojjechaa turan 18,526 hayyama haaromfatani jiru.
- Meeshaaleen daldalaa dhokfamanii/kuufamanii kaa'aman hedduun to'atamaniiru, daldaltoonni 24,576 gatii meeshaalee daldalaa akka maxxansan taasifameera
- Daldaloota qaala'insa gabaa uumanirratti hawaasni eeruu kennuufi ragaa bahuusaatiin tarkaanfii fudhachuun danda'ameera.

Hojii hubannoo seeraa idileen kennameen - hawaasni mirgaafi dirqamasaa sirnaan hubachaa dhufuusaatiin adeemsa komiisaa itti dhiyeeffatuufi furmaata itti argatu ilaalchisee hubannoon jiru fooyya'aa dhufee jira. Dantaan mootummaafi ummataa akka eegamu akkasumas dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtoota harka qalleeyyiifi namoota yakkaan miidhamaniif deggarsi taasifamu akka dabaluu ta'eera.

Raawwii qulqullinaafi bu'aqabeessummaa tajaajila dhimmoota yakkaa

- **Raawwii galmee dhimmoota yakkaa**

Ergamoota ijoo biirtoon Abbaa Alangaa karoofate keessaa kan jalqabaa tajaajila dhimmoota yakkaan kan walqabattu ta'ee kaayoon ijoon ergama kanaa seera yakkaa kabachiisuudha. Haaluma kanaan tajaajiloonni kennaman galmee qorannaan isaa xumurame irratti murtii qulqullina qabu kennuufi qulqullinaafi bu'aqabeessummaa falmii dhimmoota yakkaa fooyyessudha. Haaluma kanaan kutaa kana jalitti raawwiin galmee dhimmoota yakka akka waliigalaattiifi raawwiin dhimmoota xiyyeeffannoo maal akka fakkaatu haala armaan gadii kanaan xiinxalameera

- **Dandeettii eeruu yakkaa qulqulleessuu ilaalchisee**

Hanga kurmaana kanaatti eeruu dhimma ummataa dimshaashaan qorannaaf dhihaate 63,284 yommuu ta'u, kana keessaa qulqullaa'ee kan xumurame 52,027 (% 82.2) ragaafi himatamaan dhabamuun kan adda cite 3,989 (% 7.66) beellamaan kan darbemmoo/qulqullaa'aa kan jiru 7,266 (% 13.96) dha.

- Dandeettiin eeruu yakkaa qulqulleessuu bara darbe yeroo walfakkaataatti % 72 kan ture bara kana % 82 waan ta'eef raawwiin bara kanaa fooyyee qaba.

Harcaatiin Eeruu yakka dantaa uummataa bara darbe yeroo walfakkaataatti raawwii 11% kan ture bara kana karoorri 12% hirdhisuu ta'ee raawwiin 7.12% dha.

Eeruun dhimma dhuunfaa dhihaate 22,041 keessaa qulqullaa'ee kan xumurame 6,026 (% 27.3) araaraan kan xumuramefi miidhamaan hordofuu dhabuun kan adda citemmoo walitti 14,553 (65.9%) dha. Beellamaan kan jiru 1,562 (7. %1) dha. Eeruun dhimmoota dhuunfaa araaraan xumuramuufi miidhamaan hordofuu dhabuun akka raawwii gaariitti kan ilaalamudha.

Gabaasa raawwii hojii Biirroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyarraa kan fudhatame

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Aadde Zahaar Dirribaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu Obbo Kaasayyee Tasammaatti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Geetachoo Dajanee mana jireenyaa lakk.isaa OR003020211017 Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 250 irratti argamu, Obbo Qajeelaa Zabbanaatti gurgureera jedhaniiru., kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Asiragidoo Lammaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu Obbo Massalaa Asaffaatti gurgureera jedhaniiru.,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Abeet Asigaridoo mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu Obbo Massalaa Asaffaatti gurgureera jedhaniiru,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Maqidees Taaddesee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 160 irratti argamu, Obbo Alleellinyi Mangaashitti gurgureera jedhaniiru.,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Iluu Abbaa Boor

Aadde Aliimaa Ahimad Mahaammaad fi Obbo Abduu Ambisaa Dheeressaa mana jireenyaa Magaalaa Mattuu Ganda A/Saayyaa keessaa qaban lakk.kaartaasaa 4054/01/2015 ta’e,ballina M² 396 irratti argamu,sadarkaa iddoo Iffaa ,tajaajila iddoo CO kan ta’e,maqaa Aadde Aliimaa Ahimadiin galmaa’ee beekkamuu,Obbo Saxxanyi Adamitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Gurmeessaa A/Milkii fi Seefuu A/Maccaa Warshaa Buna Gogaa Qulqulleessu Magaalaa Dambii Ganda 01 Zoonii Guddinaa keessaa qaban Obbo Saadaam Muhiddiinifi Mahaammad Haawwii Kamaalitti gurguradhera jedhaniiru ,kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Qonnaa Horsiise Bulaafi Lafaa Aanaa Dhidheessaa

Obbo Sulxaan Kamaal mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Yembaroo Zoonii Magaalaa Garee Burqaa keessaa qaban Aadde Sittiinaa A/Nuuraa A/Fiixaatti gurgureera jedhaniiru ,kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Qonnaa Horsiise Bulaafi Lafaa Aanaa Dhidheessaa

Obbo Eermiyaas Ersaaawoo fi Aadde Alamituu W/Sillaasee mana jireenyaa balbala tokkoo Magaalaa Dambii Ganda 01 Zoonii Guddinaa keessaa qaban mucaa isaanii Aadde Haannaa Eermiyaasiif kenneera jedhaniiru ,kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bae guyyaa 21 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Qonnaa Horsiise Bulaafi Lafaa Aanaa Dhidheessaa

Jimma

Obbo Mulaalam Alamaar Magaalaa Jimmaa Ganda B/Kittoo keessatti kaartaa lafa duwwaa lakk.isaa 4933/2001 ta’e,tajaajila mana jireenyaaf oolu,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baatekaartaan duraanii tajaajila ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan biraa kan kennamuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Obbo Ahmad Bushraa Magaalaa Jimmaa Ganda G/Guduruu keessatti kaartaa hin sochoone lakk.isaa 9851 ta’e,tajaajila mana jireenyaaf oolu,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajila ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan biraa kan kennamuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Shawaa

Obbo Kabbadaa Leellisaa mana jireenyaa Magaalaa Walisoo Ganda Ayeetuu keessaa qaban ragaan kaartaa lakk. isaa W/4472/2000 kan ta’e ,maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekkamuu,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa haaraan bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo

Obbo Warquu Zallaqaa Nagahee Lakk.isaa 1879967 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (Nagahee) kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi

Obbo Li’uul Taayyeetiif

Bakka jirtannitti

Himattuun Aadde Zinnaash Waldeefi waamamaa isin jidduu falmii dhirsaafti niitummaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 26/01/2018 sa’aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Dambalaa

Obbo Addisuu Galataa Nagahee kaffaltaa duraa Lakk. isaa 0188610 ta’e,maqaa isaaniitiin muramee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni raga kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate nagaheen kun akka badetti lakkaa’amee haftee orjinaala faayilli keessa jirurraa koppiin kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan

Obbo Dammaallaash Gabbisaa Nagahee mirriitii Lakk. isaa 1503535 ta’e,maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu idaadhaanis ta’ee,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Kaadastara Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa

Obbo Tafarii Shifaraa kaartaa iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa QDGQW/893/06 ta’e, maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Tasfaa Aragaawu Kaartaa iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa QDGQW/2669/06 ta’e, maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Ibraahim Adam ragaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 1387/13 ta’een galmaa’ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Kutaa Magaalaa Daabee

Obbo Anuwaar Mahaammad Kaartaa Lakk. isaa L/2388/2001 ta’e,Lakk.Galme A-2493 ta’een galmaa’ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana idaadhaanis ta’ee,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate kaartaa kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi

Obbo Mokonnin Fayyisaa Sanbuu Kaartaa mirkaneessa qabiyyee Lakk.addaa OR00004104432008 ta’eeff Lakk. Galmee 24057400 kan ta’e,ballinni isaa M² 155.56 ta’e,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa mirkaneessi qabiyyee kan biroo kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa L/X/L/Daadhi.

Obbo Juneeydii Ture Alibaa ragaan abbaa qabeenyummaa cittuu lafaa lakk.addaa OR001141106008 ta’e,maqaa isaaniitiin galmaa’ee Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaatti kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Daabee

Aadde Asiyaa Mahaammad Nagahee Lakk.isaa 1118360 ta’e,Maqaa Aadde Ayyehuush Tasammaatiin galmaa’ee beekkamuu waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru.Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

Obbo Boonsaa Tulluu mana jireenyaa Magaalaa Maqii Ganda Odaa keessatti argamu, Kaartaa Lakk.isaa 2022/01/M/2015 ta’e,maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate hafteen kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maqii

Obbo Abdii Huseen Kennoo Magaalaa Adaamaa Aanaa Malkaa Adaamaa keessatti waraqaan ragaa abbaa qabiyyee iddoo kaartaa Lakk.isaa OR001176009006 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa najalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaa Damee Kaadastaraa

Obbo Nagaa Birraatuu mana daldalaa Magaalaa Bishooftuu Aanaa Ereer ykn Ganda 01 duraanii keessatti Kaartaa Lakk.isaa BI/8041/07 ta’e,ballina M² 319 irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu,waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu namni kaartaa kana idaadhaanis ta’ee,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kennanuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Calalaaq.

Aadde Dureettii Horaa Nagahee Lakk.isaa 870119 ta’een galmaa’ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni raga kana idaadhaanis ta’ee,,haala birootiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (nagahee) biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Hayiluu Dhugumaa Nagahee Lakk.isaa 1506300 ta’een galmaa’ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana idaadhaanis ta’ee,,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (nagahee) kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Iyyattoonni Waldaa Qaxxaamuraa Fannoo Diimaa kan ta’an Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibbaayyuu Aanaa Horaa keessatti Qabiyyee Dhaabbataa Lakk.Kaartaa 54/36 ta’ee bal’ina lafaa 4081M² irratti galmaa’ee kennameef kaartaa Orjinali kan jalaa badee waan ta’eef kaartaa Dhaabbatichaa kana kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu. akka deebisu fi qaamaan dhiyaatee akka ibsu beeksisaa,kun ta’uu baannaan WLM/Bishooftuu kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu.

Wallagga

Obbo Waggaarii Duulaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keesatti ballina M² 247 irratti argamu,lakk. kaartaasaa 753WBIFLMQ ta’e,Aadde Tigistee Nigaatuutti gurguratani maqaa gara bitataatti akka jijjiiru waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

Dhaaltoonni Obbo Yaadataa Lammeessaa Kuusaan dhunfaa Maqaa Obbo Yaadataa Lammeessaan jiru mana hojii keessaa waan dhabameef dhaaltoonni jijjiirraa maqaa gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Aadaa

Oliifan Raggaasaa

Sirna Ateetee facaafannaafi adeemsasaa-Hoolataafi naannawaashee

Ateeteeen aadaafi duudhaa hawaasa Oromookeessaatokko ta'ee, ayyaana dubartoonni Oromoo ayyaanefataniidha. Akka dhugeeffannaa Oromootti Ateetee ayyaana sanyiifi hormaataa kan dubartiin bultii ijaarretti qofti ayyaanefattuudha.

Dubartiin Ateetee kan facaafattu ayyaanni haadhashee isheefis tolee akka dhalashee qajeelchuuf uumamaan Waaqa kadhatti. Dubartiin Ateetee facaafattu guyyaa ayyaanaa kana uffata addaa kan mataasaa danda'e kanneen akka Caaccuu, Calleefi Wandaboofi kkf uffattee dhangaa addaa qopheessuun gaggeeffatu.

Ateeteeen bakka garaagaraatti maqaa adda addaa qabaachuufi haalli ittiin kabajamus adda adda ta'uu danda'a. Ayyaanni Ateetee kun dhiibbaawwan sababa sirnaafi amantiitiin irra gahaa tureen laaffatus, yeroo ammaa aadaafi duudhaan ganamaa kun bakkatti deebi'uun gaggeeffamaa jira. Gaazexaan Kallacha Oromiyaa maxxansasaa fuula Aadaa torbee kanaatiin Magaalaa Hoolataafi naannasheetti haala facaafannaa Ateetee ilaalchisee jiraattuu Magaalaa Hoolataa kan taateefi dhiyeenya kana Ateetee kan facaafatte haadha Siinqee Birriituu Sobbooqaa waliin turtii taasise akkaataa armaan gadii kanaan qindeesseera.

Haati Siinqee Birriituu Sobbooqaa Ateetee ayyaana dubartiin Oromoo sanyiin akka tolu, karri akka tolu, qe'een akka tolu ayyaanefattu seera Oromoo ganamaati jedhu. Ateetee kan facaafattu ykn bulfattu dubartii heerumtee bultii ijaarrate malee dubartii hundi hin facaafattu. Ateetee angafa waan hundaa waantaateef karra horsiifti, jagna horsiifti, kan hin heerumne akka heerumtu, kan hin fuune akka fuudhu taasifti jedhu haati Siinqee kuni.

Dubartiin Ateetee facaafattu takka dursitee waantoota sirnichaaf ishee barbaachisan kanneen akka wandaboo, okolee, daabboo bixxillee kan xaafii afuriifi kan qamadii afur, buqqurii, raafuu, gingilchaa, callee, marga saaddoofi kanneen biroo dursitee qopheeffatti jedhan.

Akka Haati Siinqee Birriituu Sobbooqaa jedhanitti naannichatti Ateetee yeroo lama bulfatama/facaafama. Ateetee yeroo Waktiin Gannaa seenuu Baatii Waxabajjii kan kabajamuufi jala bultii Birraarratti xumura ji'a Hagayyaa ykn Qaamnee keessa kabajama.

Ateetee yeroo waktiin Gannaa seenu baatii Waxabajjii keessa facaafamu kanarratti missirri duudaan ni affeelama, buqquriin ni qophaa'a, buddeen xaafii diimaa ni tolfama akkasumas



farsoo adiifi diimaan ni naqama.

Erga wanti barbaadamu hundi qophaa'ee booda haati warraa bullukkoo uffachuun dubartoota ollaashee waammatee isaan waliin miilasaanii diriirfachuun facaafatu. Haala kanaan dubartoonni Ateetee erga facaafatanii buddeen lama diriirsuun missira affeelame itti naquun ilma angafaatii kennu. Farsoo buqqurii naqame immoo buqqeetti buusani utubaa manaatiin marsanii mucaa kanaaf kennuufi. Innis karra keessa ta'ee nyaata jedhan haati Siinqee Birriituu.

Abbaan warraas maanguddoota ollaasaa saganticharratti akka hirmaatan ni waammata waan ta'eef isaanis maaddiin dhiyaachuun ni sooratu. Marqaanis barbarea cafaqameefi dhadhaan hojjatamee ni sooratama; farsoonis ni dhugama. Bunni qalames dhiyaatee eebbifachuun ni nyaatama. Buna kanas warra maanguddootatu soorata. Maanguddoonnis kunis "Yaa leemmoo, leemmoo garaa taliilaa yaa saawwaa nagumaan ooltanii, Yaa leemmoo, leemmoo garaa taliilaa yaa ijoolle nagumaan ooltanii ..." jechuun warri dhiiraa faarfachaa bulu jechuun ibsan.

Ateetee xumura baatii Hagayyaa ykn Qaamnee keessa facaafamu kanaaf immoo dubartiin Ateetee facaafattu sun dibaabee, gaadii akkasumas durba duudaa qabachuun halkan osoo shinbirri hin wacin qincee qopheeffatti jedhan Haati Siinqee Birriituu.

Isa kana dubartiin facaafattu yoo niitiin ilmaa jiraatte niiti ilmaa waliin, yoo niitiin ilmaa jiraachuu baatte immoo dubartoota ollaa waammachuun waliin facaafatti. Kan facaafamus galgala naannoo sa'aatii 2:00 irraa eegaleeti. Erga facaafataniis "Ateetee haadha karraa, Ateetee haadha jagnaa, Ateetee haadha sanyii, Ateetee

haadha saawwaa..." jechuun faarfatu jedhan.

Dubartoonni ishee waliin facaafatan kunis ganama yoo lafti bari'e ka'anii biraa galu. Haati warraa Ateetee facaafatte sun garuu bakkuma itti facaafatte san taa'uun guyyaa sadaffaa ulmaa baati jechuun haala Ateetee kun itti facaafamu ibsu.

Ateetee kan facaafatu dubartii heerumte haadha warraa malee dubartii hundi hin facaafattu. Kan facaafattus akka sanyiin horu, saawwan akka dhalanii wal horan, qotiyyoon qambara keessa akka bulu, wanti hunduu akka qajeeluuf waan ta'eef sirnichi kabaja olaanaan akka raawwatamus addeessaniiru.

Ateetee kan facaafatu dubartoota qofa ta'us abbootiin warraas waantoota sirnichaaf barbaachisan ni dhiyeessu. Warri dhiiraa sagantichi milkiin akka raawwatamu dhiyeessii barbaachisu hunda kan dhiyeessan, humnaafi yaadaanis deeggarsi bakka barbaachisutti ni taasisu jedhan.

Walumaagalatti Ateetee ayyaana dubartoonni Oromoo akka wanti hunduu qajeeluufi milkaa'uuf gaggeeffatan seera Oromoo ganamaati. Sirni kana haadhoni keenya kaleessarraa kaasee baroota dheeraaf gaggeeffachaa turan ta'us dhiibbaa kallattii garaagaraatiin irra gahaa tureen laafatus har'a deebi'ee mataa olqabachuun sirnichi bakka adda addaatti gaggeeffamaa jira.

Nutis waan haadhota keenyarraa dhaalle kana bakkasaa ganamaatti deebisuun dhalootaatti dabarsuuf gaggeeffachaa jirra, dhaloonnis waan isaa kanatti deebi'uun kunuunsuun guddisuufi beeksisuu qabu jechuun dhaaman Haati Siinqee Birriituu Sobbooqaa.

Finxalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Obbo Yaadataa Baqqalaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 02 keessatti ballina M² 255 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 224/WBIFLMQ ta'e,Aadde Xayibaa Taaddasaatti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiiru waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

Obbo Huseen Mohaammad mana daldalaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keessatti ballina M² 20 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 2254/WBIFLMQ ta'e,Obbo Gammachuu Taasisaatti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiiru waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

Obbo Surraa Tarfaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keessatti ballina M² 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 9/ MMLMQ ta'e,Obbo Abarraa Bulchaatti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiiru waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

Obbo Dureessaa Taasisaa mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee Ganda 01 keessatti ballina M² 400 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 1099WBIFLMQ ta'e,Aadde Ayyaanee Abdataatti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiiru waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee

Aadde Kibbituu Baabuu Arabuu mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti ballina M² 185 irratti argamu, lakk.kaartaasaa ETH000010294995 fi addaa cittuu lafaa OR01401009008 ta'e,gurgurtaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa bitataa Suraa Ittichaa Dheeressaatti utuu hin jijjiirramanin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Mahammad Saalii Abdusamad mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 03 keessatti ballina M² 250 irratti argamu,kaartaa lakk.isaa K294/04/96 ta'e,orjinaalli najalaa badeera jedhaniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Qixxeessaa Bulchaa Aandii fi Aadde Boontuu Gaarii Amoosaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 02 keessatti ballina M² 342 irratti argamu lakk.kaartaasaa ETH000010294965 ta'e,gurgurtaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa bitataa Suraa Ittichaa Dheeressaatti utuu hin jijjiirramanin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Guddataa Indaaluu mana jireenyaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafino Ganda 01 keessatti ballina M² 200 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa IFLM/2017 ta'e,Gammachuu Tolasaatti gurguratanii maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafino

Obbo Yonaas Takkaa Amantee mana jireenyaa Magaalaa D/ Dooloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 280 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 12377/ WBIFLM/12 ta'e,Obbo Fissahaa Hirkisaatti gurguratanii maqaa gara isaanitti akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa D/Dooloo

Obbo Mangistuu Dajanee mana jireenyaa Magaalaa D/ Dooloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 270 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 14258/ WLM/2014 ta'e,Obbo Immiruu Abdataatti gurguratanii maqaa gara isaanitti akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa D/Dooloo

B/B 2ffaa Obbo Biqilaa Irranaa kan ta'an Obbo Eebbisaa Kinfuu kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Laaftoo keessatti maqaa Obbo Biqilaa Irranaan galmaa'ee ballina M² 200 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 2092/Bul/La/2001 ta'e,bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara Obbo Eebbisaa Kinfuutti akka jijjiirramu iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa D/Dooloo

Aadde Almaaz Baqqalaa Gamteessaa mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 375 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 16975/WLEN ta'e,Obbo Mubarak Kamaalitti gurguratanii maqaa gara isaanitti akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa D/Dooloo

Obbo Guutamaa Tafarraa, Dammituu Nyaarofi Zannabuu Taasisaa mana Magaalaa Gimbii Ganda 06 keessatti ballina M² 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa EMLLM/01/375/07 ta'e,Obbo Dirribee Abbashuutti gurguratanii maqaa gara bitataatti akka jijjiirramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Diinagdee Bulgan Buloo ragaan mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda 03 keessaa qaban waan najalaa badeef haaraan naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

Obbo Kennesaa Fiqaaduu mana Magaalaa Aayiraa Ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 710/88 ta'e,Obbo Sanyii Habteetti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa

B/B Obbo Abdiisaa Xalayee fi Caaltuu Yohaannis kan ta'an Obbo Malkaamuu Xalayee kan jedhaman mana jireenyaa maqaa Abdiisaa Xilaayeetiin galmaa'ee Magaalaa Qeebee keessatti ballina ² 400 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 017LMQ/2017 ta'e,Obbo Taammiruu Ujuluutti gurguratanii maqaan akka jijjiirramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebee

Obbo Geetinnat Xigaabuu Tafarraafi Aadde Tizzitaa Nabroo Anberbir mana Magaalaa Gimbii Ganda 04 keessatti ballina M² 284 irratti argamu,lakk.kaartaasaa ETH000010294993 ta'e,gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif maqaa gara bitataa Aadde Ayyalech Irraandhufaa Qurundeetti utuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Zarihuun Fiqiruu mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 342 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 6574/EMLLM ta'e, ballina M² 160 irraa qoodanii Obbo Habtaamuu Tasfaayeetti gurguratanii maqaa gara isaanitti akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo

B/B Obbo Damee Malaakuu kan ta'an Obbo Abuluu Baatii kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Biiftuu keessatti ballina M² 230 irratti argamu,lakk. pirotokoolii isaa WBIFLM/2012 ta'e,kaartaan orjinaalli waan najalaa badeef haaraan naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun baee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo

B/B Obbo Amaanu'eel Dheeressaa kan ta'an Aadde Hawwaa Huseen kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/ Dooloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa Obbo Amaanu'eel Dheeraasaatiin galmaa'ee ballina M² 200 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 13353/WBIFLM/2014 ta'e, bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara Obbo Waggaarii Raggaasaatti akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo

Aadde Abarrash Shaaroo mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Dolloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 412 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 16838/WLEN ta'e, ballina M² 200 irraa qoodanii Obbo Hundeessaa Fiqiruutti gurguratanii faayilli gara maqaa bitaatti akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo

Bakka Bu'aa Obbo Kaasahuun Dheeressaa Tolaa kan ta'an Obbo Addaamuu Takilee Hundeessaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 283.5 irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu lakk.kaartaasaa 14177/ WL/2015 ta'e, bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara isaanii Obbo Addaamuu Takileetti akka jijjiirramuuf gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo

Obbo Isheetuu Taaffasaa mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Doolloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 350 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 6993/WMLLM/2008 ta'e, bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara Obbo Faantaa Dasaatti akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/ Dooloo

Bakka bu'aa Aadde Zeetuun Muddee fi Asiraar Awwal kan ta'an Aadde Suudee'iins Asiraar Kimnbaadoofi Abdulkariim Zeeniin Shifaa kan jedhaman mana daldalaa Magaalaa D/ Dooloo Ganda Laaftoo keessatti maqaa Aadde Zeetuun Muddeetiin galmaa'ee ballina M² 12 irratti argamu,lakk. kaartaasaa WHGM225330 ta'e, bakka bu'iinsa qabaniin maqaa gara isaanitti akka jijjiirramuuf gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo

Bakka bu'aa Aadde Faaxumaa Yisihaaq kan ta'an Obbo Gammachiis Abdataa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Biiftuu keessatti ballina M² 432 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 1350/WLEN ta'e, bakka bu'iinsa qabaniin ballina M² 240 irraa qoodanii maqaa gara isaanii Obbo Gammachiis Abdataatti akka jijjiirramuuf gaafataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa D/Dooloo

Bakka bu'aa Obbo Taaddasaa Wandimmuu Taqabbaa kan ta'an Obbo Gaaromaa Bal'inaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Biiftuu keessatti ballina M² 510 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 14305/WL/2014 ta'e,kaartaan orjinaalli waan jalaa badeef haaraan akka kennamuuf gaafataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiaachuu baate kaartaa haaraa bakka buufnee kan kennamuuf ta'uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/ Dooloo

Obbo Girmaa Darajjee mana jireenyaa dhuunfaa isaanii Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 584/04/2014 ta'e,Obbo Saamu'eel Kumarraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Obbo Bayyeessa Jabeessaa mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 01 keessaa qaban ,ballina M² 500 irratti argamu, Obbo Habtaamuu Jabeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Misooma Mag/ fi M/Qoph/Magaalaa Yuubdoo

Aadde Ristee Waratii fi Ganamee Waratii mana jireenyaa Magaalaa Qeebee keesaa qaban Lakk.kaartaasaa 0128/ LMQ/2017 ta'e,ballina M² 628.125 irratti argamu,Obbo Malkaamuu Xilayeetti gurguratanii maqaan akka jijjiirramu waan iyyataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaahuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Qeebee

Aadde Kibbituu Sanbataa mana jireenyaa Magaalaa Mandii Ganda 01 keessaa qaban Lakk.kaartaasaa Mana Jireenyaa /5127/2012 ta'e,Malkaa Biraanuutiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Dagguu Mulgeetaa mana jireenyaa Magaalaa D/Dooloo Ganda Doolloo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee ballina M² 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 10132/WMLLM/10 ta'e,Obbo Carraa Gabbisaatti gurguratanii faayilli gara maqaa isaaniitti akka jijjiirramu gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dooloo

Beeksisa Caal-baasii

Arsii

Caalbaasii Ifaa Bittaa Meeshaalee Bara 2018

Waajjiri Maallaqaa Aanaa Seeruu Bara Baajaata 2018ti Meeshaalee Baarreffamaa, Qulqullinaa, Dhaabbi Xixxiqaa, Eleektironiksii, Faarnichaara, Uffaataa Seeraa, Gommaa Konkolaata fi kan biro Bittuu waan baarbaaduf doorgomtoonni Ulaagaalee armaan gaadi gutaan Qarshii 200/dhibba lama/ kan hin deebine banki daldala Itoophiyattii kaffaluudhan akka doorgomtaan kan jeedhuu akka nuuf maxxansitan kabaajanisin gaafana.

Ulaagaalee Dorgomtootaa

1. Dorgomtonni Damee Hojii dhiyeessii meeshaalee kana Irratii Gurmaa'ani Fi Ragaa Hayyama daldalaa haroomsifamee kan qabu.
2. Dorgomtonnii Galmaa VAT ta'u isaanii Raga dhiyeeffachuu qabu.
3. Dorgomtootni Tarree Dhiyeessitoota keessatti galmaa tahuu isaanitiff raga dhiyeeffachuu qabu
4. Dorgomtonni Xalayaa Gibiraa Bara 2017 Kaffaluu Isaani Waajjiraa A/T/G /Qaama Gibira Saassabuu Irraa Dhiyefaachu Qaban.
5. Waldaaleen IMX Fi Dorgomtootnii dhuunfaan dorgoman yoo Jiraatan kabachiisaa caalbaasii Qarshii Kuma shantama /50000/ CPO Bankii daldala Itoohiyatti qabsiisu qabu.
6. dorgomtoonni Hojii armaan dura Hojjattamaniif qulqullinnan hojjachuu isaanitifi Adabbii bittaa irraa Bilisa ta'uu isaanii raga Dhiyeeffachuu kan danda'an ta'u qabu.
7. dorgomtoonni xalayaa Waldhabbi dhuunfaa irraa bilisa ta'u kan ibsu dhiyeefachuu qabu.
8. waldaalen IMX qaama seerummaa haaromsifamee dhiyeefachuu qabu
9. waldaalen IMX aangoo bakka bu'ummaa waldaa waajjira abbaa alangaa irraa dhiyeefachuu qabu
10. Gatiin Dorgomtonnii Dhiyessan Haala Qabatama Gabaa Naannotiin wal Madaaluu qabu.
11. Baayini meeshaalee dhiyaatuu parsanti 20 % dabaluu tahee hir'achuu ni danda'a.
12. Sanaada Caalbasii Dhimmama Kanaaf Dhiyaate Waajjiraa Maallaqaa Aanaa Seeruu Kutaa Adeemsa Bitta Fi Bulchiinsa Qabeenyaa Motummaati lakk. 20 Argachun Ni Danda'ama
13. Caalbaasiichi Guyyota hojii 15 Qilleensarraa ture 22/12/2017 hanga 08/01/2108 Gaafa 09/01/2018 Sanduunni Sa'atii 5:00 Saamsamee Guyyama Sana Sa'ati 8:30 Bakka Dorgomtoonni Ykn Bakka Bu'aan Argamu Waajjira Mallaqaa Aanaa seeruu kutaa Bittaa fi BQM Ni Banama.
14. Dorgomtoonni sanada Yaadaa dorgommii isaanii poostaa sadiin /3/ dhiyeeffachuu qabuu 1, Poosta Ulaagaa dorgomtoota Ibsuu.2.Poostaa Gatii Originaala fi 3. Poostaa Gatii Koppii
15. Dorgomtoonni Sanada Yaada Dorgommi Dhiyeessan Irratii chaphaa geengoo, Maqaa , Teessoo Fi Mallattoo Isaani Barreessu Qabu.
16. Dorgomtoonni ulaagaa taa'ee kana guutanii fi qulqullinaa meeshaa gaafatamee kana eeguudhaan gatii gadii aanaa dhiyeeffatan kan Mo'atan ta'u.
17. Waajjirichi Filannoo Biraa yoo argaate Caalbaasicha guutumaan guutuuttis ta'ee Gar-tokkeen haquuf mirga guutu qaba. **Oddeeffanno Dabalataf:- Lakk. bilbilaa +251224740019 Waajjiri Maallaqaa Aanaa Seeruu.**

Baale

Caalbaasii Ifaa Lakk. 01/2018

Waajjiri Maallaqaa Godina Baalee Meeshaalee Barreessaa, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Dhaabbi Dhumataa, Baatirii fi Gommaa Konkolaataa, Meeshaalee Ijaarsaa, Meeshaalee Dhaabbi Biiroo keessaa Farniicharoota, Meeshaalee Eleektironiksii, Afaa lafaa fi Golgaa Foddaa, Maxxansaalee adda addaa, Suphaa Konkolaataa, Tajaajila Rifireshimantii, Tajaajila Fee'iinsa Gogaa, Bittaa Uffata Seeraa fi Tajaajila Hodhaa Uffata Seeraa fi Suphaa Meeshaalee Elektironiksii Caalbaasii ifaatiin dhiyeessitoota gahumsaa fi dandettii qaban, ulaagaalee armaan gadiiti ibsaman guutuu danda'an irraa waldorgomsiisee bituu barbaada.

- Bu'uuruma kanaan:-Dorgomtoonni Caalbaasicha qoodachuuf Eeyyama Hojii daldalaa kallattii qaban bara 2017/2018 tiif kan haaromee fi kanaafis Ragaa dhiyeessuu kan danda'an
- Gibira Mootummaa kan bara 2017 kan kaffalanii fi kafaluu isaaniiifis Ragaa dhiyeefachuu kan danda'an,
- Dorgomtoonni Caalbaasicha irratti hirmaachuuf **waraqaa raga dhiheessummaa (Supplier list), Ragaa lakk. TIN, VAT fi TOT** dhiyeessuu kan danda'an ta'uu qabu
- Dorgomaan kamiyyuu Kabachiisa Caalbaasii **Lootii Iffaa** M/barreessaa (6212), M/qulqullinaa(6218), M/dhaabbi dhumataa (6219), Gommaa fi Baatrii konkolaataa (6241) M/Ijaarsaa(6244), M/dhaabbi Eleektironiksii (6313),afaa lafaa fi golgaa fooddaaf (6314), kabachiisa caalbaasii CPOn qr. 100,000.00 (kuma dhibba tokko), Baankii beekkamtii qabu irraa dhiheefachuu qaban. **lootii 2ffaa** Sanadoota Tajaajila maxxansaalee adda addaaf (6213), tajaajila Rifireshimantii (6233,6271), tajaajila Suphaa konkolaataaf (6241), tajaajila fee'iinsa gogaa(6255), bittaa Uffata seeraa fi tajaajila hodhaa uffata seeraa (6211) , Tajaajila Suphaa meeshaalee eleektironiksiiif (6243) tokkoon tokkoof kophaa kophaatti kabaachiisa Caalbaasii CPOn qar. 30,000.00(kuma soddoma), Maqaa Waajjira Maallaqaa Godina Baaleetiin qabsiisee Sanada Caalabaasii teeknikaala Orijiinaala wajjin dhuyefachuu qaba.
- Saamuda meeshaalee Eleektironiksii fi Uffata seeraa akkaataa ibsa meeshaa (Specification) sanada keessatti taa'een osoo caalbaasiin hin banamin dura guyyaa 1 dursee Waajjira Maallaqaa Godina Baalee tti Lakk.15tti dhiheefachuu qabu.
- Dorgomtoonni Guyyaa hojii Beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyoota Hojii 15 walitti aanan hunda Sa'atii hojiiitti Sanada Caalbaasichaa qarshii hin deebine **lootii Iffaa** qr. 500(dhibba shan) , **lootii 2ffaa** sanada tokkoon tokkoof qarshii 200(dhibba lama) lakkoofsa Herrega Baankii Siinqee maqaa Waajjira Maallaqaa Godina Baaleetiin baname lakk. 1069593281212tti galii tasiisuun sanada caalbaasii Waajjira Maallaqaa Godina Baalee kutaa Lakk 15tti dhiyaachuun bitachuu kan dandeessan ta'uu,
- Dorgomtoonni sanada isaanii irratti maqaa fi teessoo guutuu akkasumas Chaappaa dhaabbatichaa fi qajeelatti barreessanii mallatteessuu qabu.
- Dorgomtoonni sanada dorgommii isaanii akkaataa saamsanii dhiheessuu qaban : Sanada Faayinaanshaalaa Orijiinaalaa(Haadho),Sanada Faayinaanshaalaa Koppii , Sanada Teekniikaalaa Orijiinaalaa(Haadho) fi Sanada Teekniikaalaa Kooppii kophaa kophaatti poostaa afuuriin (4) saamsuun Maqaa dhaabbata dorgomee, chaappaa dhabatichaa, Mallattoo Qaama dorgomee, gosa sanada dorgomii poostaa irratti barreessuun saamsamee dhiyaachu qabaa,
- Sanadni caalbaasii kan banamu guyyaa hojii beeksiisnii bahee irraa kaasee guyyoota hojii 15 qilleensa irra oolee gaafa guyyaa hojii 16ffaa Waajjira Maallaqaa Godina Baalee tti Lakk.15tti Saa'aa 3:30 irratti saanduqni caalbaasii saamsamee guyyama kana saa'aa 4:00 irratti dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni seera qabeessa ta'an argamanitti Caalbaasichi ifaan banama haa ta'u malee guyyaan baniinsa ayyaan yookiin cufaa yoo ta'e guyyaa hojii itti aanutti kan banamu ta'uu
- Dorgomtoonni Injifachuu isaani xalayaan guyyaa ibsamee irraa kaasee guyyoota 15 keessatti kabachisiisa waliigaltee 10% qabsiisuun waliigaltee waajjiricha waliin mallatteessuu qabu.
- Waajjirichi Filannoo addaa yoo argate Caalbaasicha guutuun guututti ykn gartokkeen haquu ni danda'a. **Oddeeffanno Dabalataaf Lakk. Bilbila 022-665-0042 ykn 022-665-0559 Waajjira Maallaqaa Godina Baale**

Caalbaasii Ifaa Bittaa Meeshaa Bara 2018

Godina Baalee Bahaatti Waajjira Maallaqaa Aanaa Laga hidhaa Baajata Idilee **bara 2018** tiin Meeshaalee Elektironiksii, Meeshaalee barreeffamaa, Meeshaalee dhumataa biiroo, Meeshaalee dhaabbataa biiroo, Meeshaalee qulqullinaa, Gommaa konkolaataa, Motor saaykili, Afataalee fi meeshaalee miidhaginaa, Meeshaalee ijaarsaa fi uffata seeraa hojjattoota mootummaa Caalbaasidhaan dorgomsiisee bituu barbaada

Ulaagaalee Dorgommii

1. Damee Hojichaatiin Hayyama seera qabeessa kan qabu
2. Gibira bara 2017 kan kafalee fi hayyama daldalaa kan haaromse
3. Ragaa Galmeessaa Vaatii dhiyeeffachuu kan danda'uu
4. Lakkofsa eenyummaa kafalaa Gibiraa TIN Number kan qabu
5. Dorgomtoonni ragaalee Dokimantii Teeknikaa /Technical docment/ fi sanada gatii (Financial document) orjiinaalaa fi koppii invilooppii adda addaa lamatti gargar saamsuudhaan gatii meeshaa Vaatii jiru guutanii chaappaa , maqaa, mallattoo , Lakk. Bilbila isaani fi iddoon dhaabbanni isaanii argamu guttachuun deebisuu qabu.
6. Dorgomaan kamiyyuu tarree dhiyeessitootaarratti galmaa'ee raga haaroome dhiyeeffachuu qaba
7. Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa caalbaasii maallaqa callaa qarshii 15,000/ kuma kudha shan/qofa CPO Baankii Daldala Itoophiyaa irraa kan mirkanaa'e qabsiisuu kan danda'u
8. Sanada caalbaasii dorgomtootaa haqamaa fi laaqama qabaachuu hinqabu
9. Dorgomaan sanada caalbaasii guyyaa caalbasii qilleensarra oole irraa eegalee Waajjira Galiwwaan Aanaa Laga hidhaa irraa Qarshii hin deebine 300 {dhibba sadi}kafalee sanada bitachuu ni danda'a.
10. 10. Guyyaan dorgommii beeksiifni Caalbaasii bahee guyyoota hojii walitti anaan 15 { digdamii tokko } qilleensa irra oolee gaafa guyyaa 16ffaa {Kudha Jahaffaa} guyyaa hojii yeroo sa'atii 3:30 tti saamsamee guyyama kana bakka dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni xalayaa bakka bu'ummaa seeraa qaban jiranitti yeroo sa'atii 4:30 tti ni banama
11. Guyyaan sanadni caalbaasi banamu guyyaa hojii ta'uu baannaan guyyaa hojii itti aanutti kan bana mu ta'a.
12. Sanadni dorgommii erga sanduqni caalbaasii saamsamee dhihaatu kamuu fudhatama hin qabu. Gatiin sanada dorgommii irratti guutame sirreessuun hin danda'amu.
13. Dorgomtoonni kan dorgomu danda'an haala hayyama daldalaa qabaniin qofa ta'a
14. Dorgomtoonni bakka modeelli meeshaa gaafatametti gutachuun irraa eggama.
15. Dorgomaan caalbaasii kana moo'atee darbe gatii bittaa meeshaa waliigalaa mo'ate keessaa kabachiisa waliigaltee 10% (kudhan} CPO qabsiisuu qaba
16. Dorgomaan Kaffaltiwwan aada addaa jechuun **TOT fi VAT** Vaatii muramu irraa **%7.5** murachuudhaaf feedhi kan qabu.
17. Dorgomaan caalbaasii kana moo'ate meeshaalee moo'atee darbe baay'inaa fi qulqullina isaa eegalee dhiyeessuudhaaf dirqama qaba
18. 18.Dorgomaan caalbaasii kana moo'ate meeshaalee moo'ate hanga Waajjira Maallaqaa Aanaa Laga hidhaatti kan dhiyeessuu ta'a
19. Waajjirichi carraa biroo yoo argate dorgommii kana guutuun guutuutti ykn gar tokkeen haquu ni danda'a.
20. Ragaa biroo yoo barbadaan lakk. Bilbila 0910196243, 091341859 ykn 0921505931 bilbiltanii gaafachuu ni dandeessu.

Hubachiisa

Dorgomaan ibsa barbaachisuu sanada caalbaasii keessatii argachuu ni danda'aa Dhiheessaaf kaffaltii kan raawwatamu haaluma dorgommitiin meeshaa qulqullina qabu,yeroo baay'inaa ,fi bifa gaafatameen wayita dhiheessuu fi qaamoota ilaallatuun ilaalamee fudhatama yoo argatee fi walhaarkaa fuudhinsi taasisamee nagaheen seera qabeessa itti citeen booda **ta'a.Waajjira Maallaqaa Aanaa Laga Hidhaa**

Borana

Caalbaasii Bittaa Meeshaalee Bara 2018

Waajjirii Mallaqaa **Aanaa Guchii** bara hojii **2018tti** tajaajilaa waajjiraalee mootummaatiif kan ooluu meeshaawwaan armaan gadii dorgomsiisee bituu barbaada:- Meeshaalee barreeffamaa biiroo keessa, Uffaata Seera, Meeshaa Dhumaataa, Elektironiksii fi Fernicherii/Dhaabbataa/ dorgomaan ulaagaa asii gadii guutuu dorgomuu ni danda'a:- Gibira hojii bara 2017 kaffale Heyyama hojii kan bara **2018** kan haaromfatee, Raga dhiyeessitoota keessatti galma'uu kan ibsu raga dhiyeessummaa kan qabu, galma'a VAT kan ta'e, gibira mootummaa kaffaluu isa kan ibsu raga kan dhiyeessuu fi kabachisaa caalbaasii **%2** bifa(CPO) ykn qarshiitiin qabsiisuu kan danda'uu guyyaa beeksisinii kun bahe **Guyyaa 22/12/2017** kaasee **guyyaa hojii 15** sanadaa caalbaasii **waajjiraa mallaqaa Aanaa Guchii** Kutaa Adeemsa Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaattii dhiyaachuun tokkoon tokko sanadaa caalbaasittiif qarshii hin deebinee dhiibba Afuri (**400**) qofa kaffaluun bittachuu nii dandeettu. Guyyaa cufiinsaa **guyyaa 16ffaattii** Gaafa guyyaa **fulbaana 12/2018** sa'atii **3:30 WMAG** yoo ta'u **guyyaan baninsaa guyyama** kana sa'atii **4:30**tti bakka dorgomaan ykn bakka bu'aan seeraa qabeessaa jirutti ta'a.

Hubachiisaa:-

- Waajjirichii fillannoo fooyya'aa yoo argatee caalbaasicha guutumaa guutuutti ykn gara tokkeen haquuf mirgaa kan qabuu ta'u ibsina.
- Dorgomtoonni dorgommiif dhiyaataan iddoon samuudaa (Sampilii) gaafatuutti sampilii keessaan guyyaa caalbaasiin banamu guyya lama dursitanii kutaa Bulchiinsa Qabeenyaa keenyaatti galchuu qabdu. Samuudii (sampilii) guyyaa caalbaasiin banamu dhufuu fudhatama hin qabu.
- Odeeffanno dabalataaf bilbilli keenya **0916901298 /0998367563 /0926411368** ykn Gaazexaa Kallacha Oromiyaa **Hagayyaa 22, 2017 lakk.42** Maxxanfame irraa ilaalu ykn toora **Facebook** Waajjiricha **Mallaqaa A/Guchii fi Koominiikeeshiinii Mootummaa Aanaa Guchii**

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Dargaggoo hawwii gitaara taphachuu irraa ka'uun gitaara hojjetee amma gabaaf dhiyeessaa jiru

Dargaggoo Muluqan Boonoo naannoo Kibba Itoophiyaa magaala Arbaamiinci keessatti dhalatee guddate. Ijoollummaarraa kaasee sagaleen gitaaraa mana amantaa keessatti dhagahuun qalbiinsaa hawwatamaa ture. Booda mana amantaa keessatti yeroo faarfannaa gitaara taphachuu shaakalaa akka ture hima. Muluqan bakka hojiisaa Magaala Arbaamiinci bakka hojiisaatti turtii BBC waliin taasiseen ijoollummaatti gitaara taphachuu jaalatulleen gitaarii jiru nama hunda waan wal hin geenyeeff taphatee dheebuu hin bahu ture.

“Daa’immummaa kiyyaan fedhiin gitaara taphachuu keessakoo waan tureef mana amantaa deemeen shaakalaa ture. Gitaarii immoo gahaan hin turre. Mana amantaa hunda keessatti dhuunfaan gitaarii hin turre,” jedha. Muluqan Abbaan isaa waggaa dheeraaf qe’eetti hojii ogummaa mukaa hojjetu. Innis isaan jalatti ogummaa hojii mukaa kana barateera.

Hanqina dhiheessii gitaaraa fi fedhii gitaara akka garaasaatti taphachuuf qabu kanaafis yaadi gitaara hojjechuu jedhu sammusaatti dhufuu hima. “Ani hojii mukaan hojjechaa guddadhe. Gitaara yoon laalummo qaanisaa mukumarraa kan hojjetame. Kanaaf jecha gitaara hojjedhee hanqina jiru kana furuun qaba jedheen murteesse,” jechuun ibsa.

“Garuu gitaara waanuma hojii mukaa dandeessuuf hin hojjetu. Hojiinsaa ulfaataadha. Kanaaf jecha Yuutuubii irraa ilaaluun jalqabe. Akkamitti akka hojjetamu qabiyyeewwan saayinsii isaa barachuun jalqabe,” jedha. Hojiin gitaaraa beekumsa saayinsii gama sagalee, dhimma kirkiraa, kofawwanii fi beekumsa fiiziksii kan nama gaafatu akka ta’es hima.

Mana hojii mukaa qe’ee abbaa isaa keessatti hojjetu kanattis qabiyyee fiizikaalaa gitaaraa mukarraa ALI bara 2009 hojjetee. Hojiin isaa jalqabaa kun garuu bifan gitaara haa fakkaatu malee gama sagaleetiin milkaa’aa hin turre. “Yeroo sana calliseetuman yaalii godhe malee beekumsi nahafa ture. Kanaaf Istaandaardii gitaara addunyaarra jiru guutuu hojjechuu hin dandeenye ture. Fileetiiwwan gitaara jiran kana oggas tilmaamumaan gadi tarreesse ture. Hojichi tilmaaman waan ta’u miti” jedha.

Gitaarii inni jalqabaaf hojjetee kuni ulfaatina kan qabuu fi akkaataan bahiinsa sagalee isaas mijataa waan hin turreef ‘Ana malee namni biraa beekke hin taphatuun ture’ jechuun yaadata. Yaalii lammaffaa bara 2010 taasise irratti garuu gitaara biyya alaattii bitame walbira qabaa, beekumsa saayinsawaa hojichi gaafatus yuutuubii irraa



haalan barachuun bara 2013 gitaara karaa hundaan milkaa’aa ta’e hojjechuus hima.

Gidduutti barnootaaf gara Finfinnee waan deemeef waggoota muraasa hojiisaa adda kutee turuus dubbata.

Dargaggoo Muluqan erga Bara 2013 gitaara milkaa’aa hojjetee hojicha daran cimsee hojjechaa jira. Inni hojii mukaa kana akka hojii dabalataatti yaa hojjetu malee ogummaadhaan barsiisaa barnoota teeknikaa fi ogummaati. Finfinneetti Koolleejjii teeknikaa fi ogummaa federaalaa irraa gosa barnootaa ‘Electrical control Tecnology’ jedhamuun digiriidhaan eebbifame.

Barnootni kun ammoo beekumsa hojii saayinsii gitaaraa hojjechuuf isa gargaaru hedduu akka baruuf carraa kennuufiis hima. “Barnoota keessatti waa’ee sagalee, waa’ee dambalii baradheera. Gitaaris saayinsii dambaliidhaan walqabatu qaba. Kanaaf carraa Kanaan akkan qoradhee baru nagargaareera” jedha.

Muluqan amma dandeettii guyyaa sadii keessatti gitaara tokko hojjetee xumuruurra gaheera. Si’a tokkoon hojii gitaara kudhanii jalqabee ji’a tokko keessatti xumuruun gabaaf akka dhiheessus hima. Dargaggoo kuni Gosa Gitaaraa omishus dabaleera. Gitaarota akuustikii, kanneen elektriikiin hojjetanii fi Gitaarota morma lama qabanis omisha.

Ammatti oomisha isaa kana manneen amantaa, warra muuziqaa fi namoota dhuunfaatiif dhiheessaa akka jiruufi fuula duratti Gitaarota qulqullina olaanaa qaban gabaaf addunyaatiif dhiheessuu akka karoofates hima.

“Mukeen biyya keenyaa fayyadamee gitaarota qulqullina olaanaa qaban omishuun barbaada.

Fedhii biyya keessaa qofa osoo hin taane gabaaf addunyaa irratti gitaara biraandii Itoophiyaa ta’e omishuun yaada. Gabaa Afrikaa irratti bal’inaan dhiheessee hanqina Gitaaraa jiru furuuf karooran qaba,” jedha. Gitaaronni amma inni omishaa jiru kuni gitaarora biyya alaattii galan waliin yoo walbira qabamu qulqullina walitti dhihaatu qabaatulleen inni gatii madaalawaan fayyadamtootaaf akka dhiheessus dubbata.

“Gitaarotni biyya alaattii galan gatiin isaanii kuma 24, kuma 25 ta’a. Ana biratti kan hojjetamu ammoo gatiin isaa walakkaadhaan isaanirraa hir’ataadha. Ana biratti gatiin Gitaara tokko birrii kuma 10 hanga kuma 12 gidduudha,” jedha.

Dargaggoo kun gitaara hojjechuu qofa osoo hin taane taphachuu isaarrattis dandeettii qaba. Bakka omisha isaa magaala Arbaamiinci kana keessattis yeroo hojiirraa aara galfachuu barbaadu Gitaara hojjetee xumure tokko fudhatee sagaleedhaanis faarfachaa sammusa boqochiisa.

“Gitaaraf jaalallin qabu daangaa hin qabu. Dura gitaara qabu tokko mana meeshaan olkaa’aa ture. Hamman mana meeshaatii meeshaa fuudhuu seenu xiqqoo ofirra taa’een gitaara taphadha. Guyyaatti si’a hedduu akkanattin of bashanansiisa” jedha. Tapha Gitaaraas ta’e gitaara hojjechuu kana garuu addatti hin baranne. Barnoota hedduu shaakalumaa fi yuutuubii irraa barate.

Dargaggoo Muluqan yeroo ammaa hojii gitaaraa kanaaf dhaabbilee adda addaafi namoota dhuunfaa irraa ajajoota adda addaa fudhatee hojjechaa jiraachuu fi gabaaf fooyya’aa akka qabus hima. Oomishawwan isaas gitaara taphachaa miidiyaalee hawaasummaa adda addaa irratti ofumaan beeksifachaa gabaaf hawwachuu irratti argama. BBC Afaan Oromoo

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa

Magaalaa Baatuufi sochiwwan misoomaa isheen taasisaa jirtu

Mootummaan Naannoo Oromiyaa jijjiiramaa asitti misooma magaalaa baadiyyaa giddugaleffateen riifoormii ce'umsa hawaas-dinagdee bal'aa geggeessaa tureen jijjiiramni bal'aan mul'ateera. Kanaan hojileen misoomaa jiruuf jireenya uummata magaalaa fooyyessuu danda'an qabatamaan hojjetamaniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa riifoormii jijjiirama magaalota akka dhufuu hojii hojjatameen bu'aawwan hedduun galmaa'anii jiru.

Magaalaan Baatuu Godinaa Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Konbolchaa keessatti kan argamtu, Finfinnee irraa 163KM akkasumas Adaamaarraa 115 KM fagaattee argamti. Gandoota 10 kan qabdu Magaalli Baatuu yeroo ammaa uummata kuma 500 ol ta'an keessa jiraachaa jiru.

Baatuun maqaa kana kan argatte Gootonni Oromoo Baaleerraa ka'uun gara giddugaleessa biyyaatti wayita fardeensaani qabatani roorroo diinaa of irraa ittisuuf waraanaaf imalaa turanitti fardooleen isaani waan dadhabaniif marga dheechifachuufi bishaan obaafachuuf qarqara hara Dambalitti goranii aara galfatan jedhama.

Wayita kanatti bakkicha Baatuu jedhanii akka moggaasan maanguddoonni argaa dhageettii ni dubbatu. Magaalli Baatuus ergasii maqaa Baatuu jedhumuun moggaafamtee hanga har'aatti jirti.

Magaalaan Baatuu bal'ina lafaa hektaara 21,824.57 irratti kan argamtu yoota'u lafa diriiraa %65, lafa ol kaa'aa %10%, Caffeen qarqara haraa %5fi haroon %20 qabdi. Haalli qilleensa magaalichaa guutumaatti gammoojjii 100 % fi rooba waggaatti yeroo 1(tokko) kan argattuudha.

Hundeeffamasheerraa kaasee halaa mijataa naannoo isheen qabduun yeroo madaalamu guddina ariifachiisaa hin galmeessine. Keessattuu haala qilleensa mijataa, lafaa diriiraa qonnaaf ooluu qabaachuu, haraafi laggeen qabduun misooma jallsii, tuuriizimiifi horsiisa qurxummiif ooluu danda'u uumamni ishee badhaase qabdi.

Magaalaan Baatuu manneen barnootaa, dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa kanneen akka Yuunivarsitii Naannoo Oromiyaa seekteraalee mootummaa, baankiiwwan, dhaabbata warshaa abaaboo 'Share Ethiopia', Hospitaala Waliigala Baatuu, Kostik Soodaa, Dhaabbata Farra Ibiisotaa Adaamii Tulluu keessatti kan aragamaniifi sochiwwan hawas dinagdee jiraattota magaalichaa haala mijataa kanneen uuman qabdi. Sababa kanaan lammiileen kumaatamaan lakka'aman carraa hojii bal'aa argachuun fayyadamoo ta'uu danda'aniiru

Baatuun giddugala konfiraansiifi waltajjiwwan garaagaraa itti gaggeeffaman ta'uushee irraa kan ka'e carraa hojii bal'aan jiraattotaaf uumamuun jiruufi jireenyi hojii barbaaddotaa magaalichaa hojiiwwan daldala nyaataafi dhugaatiiratti bobba'anii hojjechaa



jirani guyyaadhaa gara guyyaatti akka fooyya'u ta'eera.

Sochiin dinagdee Magaalaa Baatuu akka saffisan wantoota taasisan keessa muraasni odolawwan daawwanaf mijaa'an shan kan Hara Dambal irratti argaman, dhaabbilee amantaa naannoo sanatti argaman, simbirroowwan ija namaa hawwatan, bakka oomishaaleefi bu'aawwan oomishaalee adda addaa, oomisha wayinii, dhiyeenyatti kan argaman haroowwan biroofi taateewwan yeroo ayyaanaa raawwataman madda tuuriizimii magaalichaa isaan ijoo dha.

Qabeenya dilbiifi madda hawwata tuuristootaa Magaalaa Baatuu kan ta'e Harri Dambal lafa hektaara kuma 50 irraatti diriiree aragamuufi odolotni shan kan akka Tulluu Guddoo, Galiilaa, Dabrasiinaa, Fuunduroofi Dhaddachaa simboo Magaalaa Baatuu ta'uun cinatti jiraattota magaalichaa carraa hojii uumuun akka madda galiitti kan tajaajilanidha.

Keessumattuu misoomni qurxummii Hara Dambala keessatti argamu wabii nyaata madaalawaa mirkaneessuun tarsiimoo maaddii guutuu dhugoomsuufi carraa hojii jiraattota magaalichaaaf uumuufis gumaacha olaanaa taasisaa jira.

Akka Bulchinsa Magaalaa Baatuutti sadarkaa magaalli irra jirtuu caalaa guddisuuf jecha tarkaanfiiwwaan gurguddoo guddina ishee dabalaan xiyyeeffannoon itti kennamee hojiiwwan adda addaa kutannoon hojjetamaa jira. Haaluma kanaan dame qonnaa jijjiirama qilleensa madaalawaa jirutti fayyadamuu, makaanaayizeeshinii jallsii cimsuu, dhiyeessii galteef bu'aa qabeessummaa imaammata ittiin bulmaataa magaalaa mirkaneessuu, dame qonnaa, indusirii, tuuriizimiifi daldalaa bulchuun dandeetti dhaabbatamuu cimaa uumuun dhimmoota xiyyeeffannoodhaan irratti hojjatamani dha.

Misooma magaalaa keessatti mul'ateen ijaarsi pirojeektotaa karaa qulqulina, ariitiifi baay'ina qabuun milkeessuun faayidaa uummataatiif oolaa jira. Inisheetiivii qonna magaalatiinis hojii guddaa

hojjetameen bu'aan gaarii kan galmaa'e yoo ta'u, imala sirna wabii nyaataa mirkaneessuuf biyyi keenya hojjechaa jirtu dhugoomsuuf hojjetamaa jira.

Kantiibaan Bulchinsa Magaalaa Baatuu Obbo Ahmaddiin Usmaa'el akka jedhanitti magaalota saffisaan guddachaa jiraniifi guddina dinagdeefi hawaasummaa biyyattii keessatti gumaacha taasisaa jiran keessa Magaalaan Baatuu ishee tokkodha. Hojiiwwan qonnaa, tuuriizimiifi carraa hojii uumuurratti hojjatameen giddu gala, tuuriizimii, daldalaafi konfiraasii ta'uun sochiin hawaas-dinagdeen akka uumamu ta'ee jira.

Dabalataanis ce'umsa dinagdee magaalotaa mirkaneessuufi walitti hidhaminsa dinagdee cimsuun fayyadamummaa uummata magalaa keenyaa mirkaneessuuf ijaarsa pirojeektotaa, investimantii babal'isuu, indusirii godoo, inisheetiivii qonna magaalaa, misooma beelladaafi inisheetiivii barnootaatiin cabinsa sirna barnootaa mudate furuuf xiyyeeffannoodhaan kan hojjatamaa jirudha jedhan Obbo Ahimaddin.

Walumaagalatti Magaalaan Baatuu tarsiimoofi imaammata misooma magaalaa mootummaan bocee gadi buuse giddu galeessa godhachuun hojiiwwan hojjatamaa turaniin fayyadamummaa ummata magaalichaa roga hundaan akka milkaa'uu xiyyeeffannoo olaanaadhaan hojjatamuu isaaniitiin yeroo amma kana magaalaa filatamtuufi giddu gala tuuriizimii, konfransiifi ispoortii taatee kan argamtuufi kanaan magaalotaa bashannanaafi jireenyaaf filataman keesaa tokko taatee jirti jedhan.

Hojii akka bulchinsa Magaalaa Baatuutti gama hundaan hojjatamaa jiruun jijjiiramni qabatamaan galmaa'uu ibsanii, guddina dinagdeefi hawaasummaa galmaa'aa jiru waareessuuf hojii qulqullinaafi misooma magaariisaa magaalootaa murteessaa ta'uu dubbataniiru.

Kominikeeshinii Magaalaa Baatuutiin

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Caalbaasii Bittaa Meeshaalee Bara 2018

Waajjirri Maallaqaa Godina Boorana Bahaa manneen hojii Mootummaa Godinicha keessatti argamanif 1. Bittaa Meeshaalee Barreeffammaa 2. Bittaa uffata seera hojjattoota Mootummaa 3. Meeshaalee qulqullinnaa 4. Meeshaalee Dhaabbii xixxiqqa waajjira keessaa 5. Korboo (Gommaa) konkolaataa, Motor saayikilootaa fi Baatirii 6. Meeshaalee Elektirooniksii 7. Meeshaalee dhaabbii /Furniture/ 8. Meeshaalee Jijjiraa konkolaataa 9. Bittaa Motor Saayikilootaa fi 10. Gatii Harkaa suuphaa konkolaataa Garaajota Magaalaa Hawassaa fi Shaashamannee bara bajaata 2018 tiif caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbaada. Kanaafuu caal-baasii kana irraatti dorgomtootni hirmachuu barbaaddan, bu'uruma armaan gadiitti ibsameen dhiyaattanii dorgomuu ni dandessu.

1. Dorgomtootni kallattii hojii daldala isaanitiin heeyyamaa daldalaa haaromee seera qabeessa ta'ee, facaatii dhiyeesitoota / supply list/ kennaa tajajila biyyaa keessaa ragaa sanadoota ittiin galma'an fi Ragaa lakkofsa TIN fotoo koppii isaa sanada caal-baasii waliin qabsisanii dhiyeesuu qabu.
2. Caal-baasii bara baajata 2018 irraatti hirmachuu akka danda'an Waajjira Galiwwannii irraa gibira baraa Kan ittin kaffalan ragaa fotoo kooppii dhiyeffachuu kan danda'an.
3. Dorgomtoonni dhiyaatan galma'aa taaksii dabaltaa (VAT) ta'uu isaanitiif ragaa fotoo kooppii dhiyeffachuu kan danda'aniif Bittaa mana hojjichaaf dhiyeesan keessaa VAT %7.5 irraa cite Sanduqa mootummaattii galii ta'uu isaa beekuun dirqama.
4. Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Kun Gaazexaa Kallalcha oromiyaa irratt qilleensara bahe eegalee guyyoota hojii Mootummaa 15/ kudha shan/ keessattii yeroo hunda sa'aati hojii mootummaa maallaqa hin deebine qr. 500.00 (dhibba shan) kaffaluun Adeemsa Hojii Bittaa, Bulchinsaa fi Dhabbamsiisa Qabeenyaa Tajaajila puulii Walii galaa waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaa Gamoo G+1 lakk. 09 tti dhiyaachuun sanadicha bitachuus ta'e deebisuu ni danda'u.
5. Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan olu gatii tilmamaa bittaa waligalaa % 0.5(duwaa tuqaa shan qofa) maqaa waajjira Maallaqaa Godina Boorana bahaatiin CPO Baankiidhaan mirkanaa'e, Baankii Gaaraantii ykn IMX yoo ta'an bu'uraa Danbii Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa Naannoo Oromiyaa Dirriisuuf bahe lakk. 226/ 2014 xalayaa deeggarsaa qaama isaan hundeesse irraa Odeeffannoo guutuu waajjira isaan gurmeesse kan ibsuu fi caalbaasii irraattii dorgoman ibsudhaan sanada Orijinaalaa caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyeesuu dirqama qabu.
6. Dorgomaan kamiyyuu Ragaalee Orijinaala yeroo gaafatame dhiyeesuudhaaf fedhii kan qabu ta'uu qaba.
7. Dorgomtootni sanada caalbaasichaa 1.meeshaalee barreeffammaa, 2. qulqullisaa, 3. Dhaabbii xixxiqqa Waajjira keessaa 4. Uffataa seeraa hojjattoota Mootummaa 5. Korboo (Gommaa) konkolaataa, Motori saayikilootaa fi Baatirii 6.Meeshaalee Elektirooniksii 7. Meeshaalee dhaabbii /Furniture/ 8. Meeshaalee Jijjiraa konkolaataa 9. Bittaa Motor Saayikilootaa fi 10. Gatii Harka supha konkolaataa Magaalaa Hawassa ykn Shaashamannee poostaa saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun gaafa guyyaa beeksiisni kun qilleensa irraa ole eegalee guyyaa hojii Mootummaa 16ffaa irratti hanga sa'aati 6:00 tti Waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaatti Saanduqa Caalbaasichaa kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
8. Caalbaasichi meeshaalee 1. Barreeffammaa, 2.Qulqullisaa, 3.dhaabbii xixxiqqa waajjira keessaa 4. Uffataa seera hojjattootaa Mootummaa fi 5. Meeshaalee Jijjiraa konkolaataa gaafa guyyaa beeksiisni kun qillensa irraa ole eegalee guyyaa hojii Mootummaa 16ffaa sa'aati 8:00 tti dorgomtootni ykn bakka bu'oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma xiqqaa Waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaa Gamoo G+2 lakkofsa 18 keessatti ni banamaa.
9. Caalbaasichi Meeshaalee 1. Elektirooniksii 2. Meeshaalee dhaabbii /Furniture/ 3.Bittaa Motor Saayikilootaa 4. Korboo konkolaataa, motor saayikilootaa fi Baatirii 5. Gatii Harka supha konkolaataa Magaalaa Hawassa ykn Shaashamannee gaafa guyyaa beeksiisni kun qilleensa irraa ole eegalee guyyaa hojii Mootummaa 17ffaa sa'aati 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu'oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma xiqqaa Waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaa Gamoo G+2 lakkofsa 18 keessatti ni banamaa.
10. Mo'ataan caal-baasii meeshaalee ittiin mo'atee hundaa hanga Waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaattii dhiyeesuuf dirqama qaba.
11. Afaan caal-baasichii ittini geggeeffamuu Afaan hojii mootummaa Naannoo Oromiyaatti.
12. Waajjiricha filannoo fooyyee yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan kan eegame dha.Odeeffannoo Dabalataaif Lakk.Bil- 0464450917 ykn 0464450341 **0916850181 ykn 0913253266 Waajjira Maallaqaa Godina Boorana Bahaa Nagellee Booranaa**

Caalbaasii Iffaa Bittaa Meeshaalee Bara 2018 Bahe

Godina Booranaa Bahaa Waajjirri Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa mootummaa Seekteera Magaalichaa keessatti argamanif 1. Bittaa uffata seera hojjattoota mootummaa 2. Meeshaalee Elektirooniksii 3. Meeshaalee Qulqullisaa 4. Meeshaalee Dhaabbii xixxiqqa biiroo keessa 5. Meeshaalee Barreessaa 6. Meeshaalee dhaabbii /Furniture/ 7. Korboo (Gommaa) konkolaataa fi baatiri ,8. Motorri Saayikilootaa fi Suphaa Konkoolataa bara bajaata 2018 tiif caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbaada. Kanaafuu caal-baasii irraattii dorgomtootni hirmachuu barbaadaan, bu'urumaa armaan gadiitti ibsameen dhiyaattanii dorgomuu ni dandessu.

1. Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin heeyyamaa daldalaa bara kan haromsame seera qabeessa ta'ee gibira Bara Kan ittin kaffalan, facaatii /list/ ragaa sanadootaa ittin galma'an fi Galma'a Faayinansii fi Ragaa lakkofsa TN fotoo kooppii isaa sanadaa caal-baasii waliin qabsisaan dhiyeesuu qabu.
 2. Dorgomtoonni dhiyaatan galma'aa taaksii dabaltaa (VAT) galmaa'uu isaanitiif ragaa fotoo kooppii dhiyeffachuu kan danda'an ta'uu qaba.
 3. Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni *Gaazexaa kallaachaa Oromiyaa* ba'ee eegalee guyyota hojii 15/ kudha shan/ keessaattii yeroo hundaa sa'aati hojii maallaqaa hin deebine qr. 100.00 (dhibba tokko) kaffaluun Adeemsa Hojii Bittaa fi Bulchinsa Qabeenyaa Tajaajila maraa puuli waajjira maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nageelleetii Booranaa dhiyaachuun sanadicha bitachuus ta'e galchus ni danda'u.
 4. **Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan olu gatii tilmamaa bittaa waligalaa % 1 maqaa waajjira maallaqaa** Bulchiinsa Magaalaa Nageelleetii Booranaa **CPO Baankiidhaan mirkanaa'e ykn IMX yoo ta'an xalayaa deeggarsa qama isaan hundeesse irraa sanada Orijinaala caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyeesuu qaba.**
 5. Dorgomtootni sanada caalbaasichaa meeshaalee barreessaa, Hallu pirintaroota, faksii fi fotto koppii qulqullisaa,dhaabbii xixxiqqa biiroo keessaa fi korbo konkoolataa poostaa samiin saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun guyyaa 08/01/201 hanga sa'aati 6:00tti WM Bul.Magaalaa Nageellee Booranaatti Saanduqa Caalbaasichaa kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
 6. Caalbaasichi meeshaalee barreessaa,hallu pirintaroota faksii fi fotto koppii, qulqullisaa, dhaabbii xixxiqqa biiroo keessaa fi korbo konkolaataa gaafa 08/01/2018 sa'aati 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu'oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma WM Bul.Magaalaa Nageellee Booranaatti keessatti banama.
 7. Dorgomtootni sanada caalbaasichaa Meeshaalee Eleektirooniksii, dhaabbi/Furniture/, motorri saayikilootaa fi uffata seera hojjattoota mootummaa poostaa samiin saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun guyyaa 08/01/2018 hanga sa'aati 6:00tti WM Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa Saanduqa Caalbaasichaa kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
 8. Caalbaasichi meeshaalee Eleektirooniksii, dhaabbi/Furniture/, motorri Saayikilootaa fi bittaa uffata seera hojjattoota mootummaa guyyaa 08/01/2018 sa'aatii 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu'oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma xiqqaa Qajeelcha tajajila mana Qopheessaa Bulchiinsaa Magaalaa Nageellee keessatti banama.
 9. Mo'ataan caal-baasii meeshaalee ittiin mo'atee hundaa hangaa WM Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa dhiyeesuu dirqama qaba.
 10. Afaan caalbaasichii ittini geggeeffamuu Afaan hojii mootummaa Naannoo Oromiyaatti.
- Waajjiricha filannoo fooyyee yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan eegamedhaa.**Odeeffannoo.Dabalataaf Lakk.Bilbilaa 0464452289 ykn 0464451468 Waajjira Mallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Nageellee Booranaa**
-
- Caalbaasii Iffaa**
- Godina Boorana Bahaatti Waajjirri Maallaqa Aanaa Gumii Eeldallo Manneen hojii Mootummaa Aanicha Keessatti argamanif Meeshaalee Elektirooniksii, Meeshaalee biro keessaa, Meeshaalee Dhaabbii/Furniure/ , Meeshaalee Barreeffama, Meeshaalee Qulqullinna, Uffata Seera Hojjattoota Mootummaa fi Gooma konkolaata bara bajaata 2018 Caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbaada kanaafuu caal -baasii irrattii dogomtotni hirmaachuu barbaadaan, bu'urumaa kanaa gaditti ibsammen dhiyaattanii dorgomuu ni danda'u.
1. Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin heeyyamaa daldalaa bara 2018 kan haromsan isaan seera qabessa ta'ee gibira bara 2017 kan ittin kaffalan,facaatii list/kennaa tajajilaa keessa raga sanadootaa ittin galma'an fi galma'a Faayinaansii fi Ragaa Lakkofsa TN fotoo Kooppii isaa sanadaa caal baasii waliin qabsiisan dhiyeesuu qabu.
 2. Dorgomtoonni dhiyaatan galma'aa taaksii dabalataa (VAT) galmaa'uu isaanitiif raga fotoo kooppii dhiyeffachuu kan danda'an ta'u qabu.
 3. Dorgomtoonni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni kun Gaazexaa kallacha Oromiyaatiin ba'ee eegalee guyyota hojii 15 /Kudha shan/ Keessaattii yeroo hundaa Sa'aati hojii ganamaa 2:30 hangaa sa'attii 6:30 sa'a booda 7:30 hangaa Sa'aati 11:30 maallaqa hin deebine qr.200 (Dhibba lama qofa) Waajjira Abbaa Taayita Galiwwaan Kaffaluun kutaa bittaa waajjira maallaqaa Aanaa G/Eeldallo dhiyaachuun sanadicha bitachuu ni danda'u
 4. Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan oolu gatii tilmamaa bittaa cheekii (CPO) Baankidhaan mirkanaa'e Sanada 2 Orijinaala caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyeesuu qaba.
 5. Dorgomtoonni sanada Caalbaasichaa Meeshaalee Elektirooniksii, Meeshaalee biro keessaa, Meeshaalee Dhaabbii/ Furniure/Meeshaalee Barreeffama, Meeshaalee Qulqullinna, Uffata Seera Hojjattoota Mootummaa fi Gooma konkolaata keessaa poostaa saamsameen,Orjinaalaa fi Kooppii addaan baasuun guyyaa 06/01/2018tti sa'aati 4:00 hanga sa'aati 4:30 tti Waajjiraa Maallaqaa Aanaa G/Eeldallo Saanduqa caalbaasichaa kanaaf qophaa'ee keessa galchu qabu.
 6. Caalbaasichaa gaafa Guyyaa 06/01/2018 tti sa'aatii 5:00tti dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni seeraa isaanii,akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti Waajjira Maallaqa Aanaa Gumii Eeldallo Keessatti banama
 7. Dorgomtoonni sanadaa Caal-baasichaa Saamsamee,Orjinaalaa fi Kooppii addaan baasuun guyyaa 06/01/2018 sa'aati 4:00 tti hanga sa'aati 4:30 tti Caalbaasichi Waajjira Maallaqa Aanaa Gumii Eeldallo Saanduqa caal-baasichaa kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
 8. Poosta dhiyaatu hundii Maqaa Dorgomaa, Teessoo/ Adress/, Chappaa, Mallattoo Dorgomaa fi waan irraatti dorgomuu adda baasee fuula poostichaa irraatti dhiyeesuu qaba .
 9. Mo'ata Caal-baasii meeshaalee ittiin mo'atee hunda hangaa Waajjira Maallaqa Aanaa Gumii Eeldallo dhiyeesuu qaba.
 10. Meeshaalee qulqullinna qabu dhiyeesuu kan danda'u
 11. Afaan Caal-baasichaa ittini geggeeffamuu afaan oromiffaatiin.
 12. Waajjiricha filannoo fooyya'e yoo argatee Caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan kan eegamedha. **Odeeffannoo Dabalataaf Lakk. Bilbilaa 0916850368 fi 0916939884 Waajjirri Maallaqa Aanaa Gumii Eeldallo**

Shawaa

Caalbaasii Ifaa Lakk. 01/ 2018

Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Kuraa Jiddaatti Waajjirri Maallaqaa Aanaa Kuraa Jiddaa bara baajata 2018 tiif baajata Idilee, fi Mana Qopheessaa, akkasumas Fandiwwan adda addaatiif Meeshaalee barreeffamaa, Uffata Dambii hojjetootaa , Meeshaalee Qulqullinaa adda addaa, Hojiilee Maxxansaa adda addaa, Meeshaalee Dhaabbii, fi Meeshaalee Elektirooniksii adda addaa, Meeshaalee ijaarsaa adda addaa, Gommaa konkolaataa Motor Saayikiilii labsii bittaa mootummaa naannoo Oromiyaa Lakk. 157/2002 fi Qajeelfamaa bittaa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk. 02/2004 irratti hundaa’uudhaan caalbaasii ifaatiin dorgomsiisee bituu barbaada.

Ibsa Bal’inaan

Caalbaasiin kun guyyaa Gaazexaa Kallacha Oromiyaa irratti bahee calqabee gosa meeshaalee fi odeeffannoo waa’e meeshaalee bitamuuf barbaadamanii kan ibsu sanada caalbaasii gosa bittaa tokko tokkoon qophaa’ef sanada guutuu Qar. 500.00 (Dhibba Shan) kan hin deebine kaffaluudhaan yeroo hundumaa sa’aatii hojii mootummaa Waajjirra Maallaqaa Aanaa Kuraa Jiddaa dhufuudhaan bitachuun ni danda’ama.

Dirqama Dorgomtootaa

- Gibira bara kanaa kan kaffalanii fi damee daldalaa meeshichaatiin heeyyama daldalaa haarome kan qaban, ragaa qabatamaa dhiyeessuu kan danda’an.
- Galmaa’aa Taaksii dabala qabeenyaa “VAT” kan ta’anii fi ragaa dhiyeessuu kan danda’an.
- Taree dhiyeessitootaa Ministeera Maallaqaa keessatti kan galmaa’anii fi ragaa galmee dhiyeessummaa ministeera Maallaqaa (qaama sadarkaan jiru) irraa dhiyeessuu kan danda’an.
- Dorgomtoonni kabachiisa caalbaasii dorgoman irratti qarshii 30,000 (Kuma Soddoma) (CPO)n kan qabsisee sanada caalbaasichaa waliin dhiyeessuu qabu. Dorgomtoonni Maayikiroo fi xixiqqaa (IMX) Gosa bittaa fi baayina maallaqa irratti dorgoman ibsuudhaan qaama isaan hundeessu irraa waajjira keenyaaf kallattiidhaan xalayaa wabummaa caalbaasichaa dhiyeessuu ni danda’u.
- Dorgomtoonni gatii ittiin dorgoman sanada caalbaasiichaa irratti guutuudhaan Orijinaalaa fi koppii Kophaa Kophaatii poostaadhaan saamsudhaan Orjinaalii fi Koopii ammo bakkaa tokkootii poostaa Guddaadhaan Saamsamee maqaa fi ragaa guutuu dhaabbata isaanii irratti barreessun dhiyeeffachuu qaba.
- Sanada Caalbasii kana guyyaa 22/12/2017 hanga 08/01/2018 sa’aatii 11:30 tti Waajjira Maallaqaa Aanaa Kuraa Jiddaa tti Qaaman dhiyyataanii bittachuun saanduqa kanaaf qophaa’etti galchuu ni danda’u. Caalbaasichi gaafa guyyaa 09/01/2018 sa’aatii 4:00tti cufamee dorgomtoonni ykn bakka buutonna seeraa isaanii bakka argamanitti guyyuma kana sa’aatii 4:30tti ni saaqama.
- Dorgomtoonni mo’atan yeroo waliigaltee mallatteessan gatii waliigalaa meeshaalee mo’atan irratti 10% wabummaa raawwii caalbaasichaa baankiidhaan kan raggaassame (CPO) seera qabeessa dhiyeessuu qabu. Dorgomtoonni mo’ataman (caalbaasicha kufan) mo’ataa fi mo’atamaan caalbaasichaa eega ifa ta’ee booda kabachiisni caalbaasii dura dookumantii caalbaasii wajjin galchan battalumatti fudhachuu ni danda’u.
- Dorgomtoonni mo’ataan baasii kamiyyuu danda’uudhaan meeshaalee mo’atan hunda man-kuusaa Waajjirra Maallaqaa Aanaa Kuraa Jiddaatti dhiyeessuu qabu.
- Kaffaltii maallaqaa gatii meeshaalee dhiyaataniif taasisamuuf akka mijaa’u dhiyeessan kamiyyuu lakk. herreega baankii Siinqee qabaachuu fi beeksisuu qaba.
- Waajjirichi mala ykn filannoo biraa yoo argate caalbaasii kana gar-tokkeenis ta’ee guutummaan guutuutti haquudhaaf mirga guutuu qaba. **Odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan Lakk. Bilbilaa 0986973769 / 0968761724 / 0910205976**

Waajjirra Maallaqaa Aanaa Kuraa Jiddaa

Caalbaasii Ifaa Iffaa Kiraa Maashinootaa

Godiina Shawaa Kaabaatti Waajjira Maallaqaa Bul/ Magaalaa Fiichee Bara Baajata 2018 Hojiilee Bu’uura Misooma Magaalaatiif Oolu Maashinootaa Gireederii, Doozarii, Iskaavaterii, Roolloofii Konkolaataa Siinoo Tiraakii Caalbaasiifaaatiin Wal-Dorgomsiisee Kireeffatee hojjiisuu barbaada.

Ulaagaalee Caalbaasii-

- Dorgomtootni kallatti hojii hayyama kireessummaa maashinootaa seera qabeessa ta’ee fi facaati kenna tajaajila dhiyeessii keessatti galmaa’aa ta’uu akkasumas taaksii dabalataa /VAT/, TIN galmaa’aa ta’uu isaa fi raga koopii sanada dorgommii orjinaala waliin dhiyeeffachuu qabu.
- Dorgomtootni hayyama hojii daldala seera qabeessaa kan bara 2017haaromfeddhiyeeffachuuqabu.
- Dorgomtootni sanada caalbaasii guyyaa caalbaasiin kun Gaazexaa Kallacha Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa kaasee guyyaa hojii walitti aanaan 15 keessatti waaree dura 2:30-6:30 waaree booda 7:30-11:30 tti sanada qarshii hin deebine 400/dhibbaafur/ kaffaluudhaan Waajjira Maallaqaa Bul/ Magaalaa Fiichee lakk.1 tti dhiyaachuun sanada bitachuun ni danda’ama.
- Caalbaasiin kan banamu gaafa guyyaa 16ffaa waaree booda sa’aatii 9:00 irratti saanduqni cufamee guyyuma kana sa’aatii 9:30 irratti bakka dorgomaan jirutti ykn bakka bu’aan seera qabeessaa jirutti ni banama. Guyyaan 16ffaan sanbatarraa yoo oole guyyaa hojii itti aanu sa’aatii walfakkaatuutti ta’a.
- Dorgomtoonni fuula tokkoon tokkoon sanadaarratti chaaphaa fi maallatoon Isaanii jiraachuu qaba ykn gochuu qabu.
- Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa caalbaasiitiif qarshii 50,000/kumashantama/ maqaa Waajjira Maallaqa Bul/Magaalaa Fiichetiin CPO/ baankitiin mirkanaa’e qofa sanada orjinaala caalbaasichaa waliin qabsiisuun dhiyeessuu qabu.
- Moo’ataan caalbaasii maashinerii fi siinootiraakii moo’ate baasii boba’aa hunda dabalatee ofii isaa danda’ee sa’aati fi fe’iisa siinootiraakiin baachuu danda’uun m3-16 baajoodhaan hojjechuudhaaf fedhii kan qabu ta’uu qaba.
- Dorgomaan sa’aatii ajajamen ykn yeroo /waliigaltee/ seene hunda hojjechuuf fedhii kan qaban ta’uu qabu.
- Dorgomtootni bu’aan caalbaasichaa erga maxxanfamee booda komii yoo qabaatan akkaataa labsii bittaa Mootummaa bu’uureessuun guyyaa hojii 5 keessatti komii isaanii dhiyeeffachuu ni danda’u.
- Dorgomtootni sanada caalbaasii irratti gaaffii ykn yaada yoo qabaatan sanada osoo hin galchin guyyaa 5/shan/ dura gaafachuu ni danda’u.
- Waajjirichi caalbaasicha filannoo biraa yoo argate guutummaan guutuutti ykn gartokkeen haqu ni danda’ama.Odeeffannoo guutuu isaa sanada caalbaasii qophaa’eerra argachuun ni danda’ama.Odeeffannoo dabalataa lakk.bilbilaa 01-11-35-10-11, Waajjira Maallaqaaf Bul/ Magaalaa Fiichee.

Caalbaasii Bittaa Meeshaalee

Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee bara baajata 2018tti meeshaa tajaajila Mana Murtii keenyaaf oolu:- **Meeshaalee Barreeffamaa, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Elektronikii Uuffataa seeraa** Caalbaasii Ifaatiin baasee dhaabbilee ulaagaa armaan gadii guutan dorgomsiisee bituu barbaada. **Kanaafuu:-** Dorgomtoonni caalbaasii kana irratti hirmaachuu barbaaddan Ulaagaa kanaa gaditti ibsame kan guuttan affeeramtanii jirtu.

- Dorgomtoonni dorgommii irratti hirmaachuu barbaaddan Hayyama daldalaa seera qabeessa ta’ee **Meeshaalee Armaan Olitti Lakkofsa 1 hanga 4^{ma}tti ibsame** irratti kan qabanii fi hayyama isaanii kan haaromsiisan(haaromfamee ta’u qaba.
- Dorgomtoonni galmaa’aa VAT kan ta’anii **Tin number** kan qaban ta’uu kanaafis ragaa dubbifamu dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Dorgomtoonni galmee ragaa biroo maallaqaa fi walta’insa federaalaa irratti dhiheessaa fi galmaa’aa ta’uu isaa kan ibsu kooppi isaa qabsiisuu kan danda’u ta’uu fi ykn Biiroo Maallaqaa fi walta’insa naannoo irraa galmee dhiheessitootaa (**Supplier list**) irratti kan galmaa’an ta’uu fi kanaaf ragaa dhiheeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Dorgomtoonni sanada calbaasii fudhatan irratti **chaappaa dhaabbaticha** isaanii ibsuu fi gatii guutan irratti Mallattoo qabaachuu qaba. Akkasumas sanadni caalbaasii poostaa lamaan (**2**) Orjinaalaa fi kooppiin qophaa’ee saamsamee adda bahee dhiyaachuu qaba.
- Dorgomtoonni meeshaa moo’atan baasii geejjibaa isaanitiin fee’anii Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee tiif dhiheessuu qabu.
- Dorgoomaan caalbaasii irratti hirmaatu kamuu kabachiisa caalbaasii sanada caalbaasiif dhihaate **hunda (tokkoon tokkoo)** irratti **CPO Cheekii** Baankiin mirkanaa’e qarshii **3,000(kuma Sadii)** qabsiisuu qaba.dorgomaan caalbaasiin moo’atame moo’atamuu isaanii erga mirkanaa’ee booda **CPOn** kabachiisa Caalbaasiitiif qabsiisan kan deebi’uuf ta’a.
- Dorgomtoonni Sanada caalbaasii irratti dorgomuu barbaaddan sanada caalbaasii **Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee Biiroo Lakkofsa 10tti** dhiyaachuun kan hin deebine **qarshii 100 (dhibba tokkoo)** kafalanii guyyaa beeksifni **Gaazexaa Kallachaa Oromiyaatiin** bahe irraa eegalee guyyaa hojii walitti aanuu **15(kudha shan)f** bitachuu ni danda’u.
- Sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Gaazexaa kallacha Oromiyaatiin bahe irraa eegalee kan walitti aanuu guyyaa hojii **kudha shan (15)** gurguramee guyyaa **hojii 16ffaa Sa’aatii 2:30 hanga Sa’aa 6:00tti** sanduqa sanada caalbaasiif qophaa’ee keessa galee **sa’aa 6:00tti** sanduqni saamsamee guyyama **san** sa’aatii hojii **sa’aa 8:00tti** dorgomtoonni ykn bakka buutoonni iddoo argamanitti ifaatti ni banama.
- Akkuma olitti ibsme guyyaan **16ffaa** caalbaasiin banamu ayyaana ykn cufaa yoo ta’e guyyaa hojii itti aanuutti kan banamu ta’a.
- Waajjirichi haala fooyya’aa yoo argate guutummaan guutuutti ykn gar- tokkeen caalbaasichaa haquudhaaf mirga qaba.

Teessoon:- Magaalaa Adaamaa karaa (daandii) Amadee Waajjira Qonnaa Godina Shawaa Bahaa daandii guddaa irraa gara mirgaatti seenee Gamoo Bazzuu Bayyanaa Lakk Bilbilaa 022-211-38-40 Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee

Caalbaasii ifaa Bittaa Meeshaalee

Manni Murtii Ol’aana Magaalaa Adaamaa bara baajata 2018tti meeshaa tajaajila Mana Murtii keenyaaf oolu **Meeshaalee Barreeffamaa, Maashaalee Qulqullinaa, Maashaalee Adda Addaa** Caalbaasii Ifaatiin baasee dhaabbilee ulaagaa armaan gadii guutan dorgomsiisee bituu barbaada **Kanaafuu:-** Dorgomtoonni caalbaasii kana irratti hirmaachuu barbaaddan Ulaagaa kanaa gaditti ibsame kan guuttan affeeramtanii jirtu.

- Dorgomtoonni dorgommii irratti hirmaachuu barbaaddan Hayyama daldalaa seera qabeessa ta’ee **Meeshaalee Barreeffamaa, Maashaalee Qulqullinaa fi Maashaalee Adda Addaa** irratti kan qabanii fi hayyama isaanii kan haaromsiisan (haaromfame)fi kan kafalan ta’uu qaba.
- Daldaloonni galmaa’aa VAT kan ta’anii **Tin number** kan qaban ta’uu kanaafis ragaa dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Daldaltonni galmee ragaa biroo maallaqaa fi walta’insa federaalaa irratti dhiheessaa fi galmaa’aa ta’uu isaa kan ibsu kooppi isaa qabsiisuu kan danda’u ta’uu fi ykn Biiroo Maallaqaa fi walta’insa naannoo irraa galmee dhiheessitootaa (**Supplier list**) irratti kan galmaa’an ta’uu fi kanaaf ragaa dhiheeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Dorgomtoonni sanada calbaasii fudhatan irratti **chaappaa dhaabbaticha** isaanii ibsuu fi Mallattoo qabaachuu qaba. Akkasumas sanadni caalbaasii poostaa lamaan (**2**) Orjinaalaa fi kooppiin qophaa’ee saamsamee adda bahee dhiyaachuu qaba.
- Dorgomtoonni meeshaa moo’atan baasii geejjibaa isaanitiin fee’anii **Mana Murtii Ol’aana Magaalaa Adaamaa** tiif dhiheessuu qabu.
- Dorgoomaan caalbaasii irratti hirmaatu kamuu kabachiisa caalbaasii sanada caalbaasiif dhihaate **Meeshaalee Barreeffamaa fi Meeshaalee Adda Addaa 4000.00 (kuma afur), Maashaalee Qulqullinaa 2000.00 (kuma lama)**, irratti **CPO Cheekii** Baankiin mirkanaa’e qabsiisuu qaba.dorgomaan caalbaasiin moo’atame moo’atamuu isaanii erga mirkanaa’ee booda **CPOn** kabachiisa Caalbaasiitiif qabsiisan kan deebi’uuf ta’a.
- Dorgomtoonni Sanada caalbaasii irratti dorgomuu barbaaddan sanada caalbaasii **Mana Murtii Ol’aana Magaalaa Adaamaa** Biiroo Lakkofsa **29tti** dhiyaachuun kan hin deebine **qarshii 100 (dhibba tokko)** kafalanii beeksifni Gaazexaa Bakkalalacha tiin guyyaa bahe irraa eegalee guyyaa hojii walitti aanuu **15(kudha shan)f Mana Murtii Ol’aana Magaalaa Adaamaa** dhiyaachuun bitachuu ni danda’u.
- Sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Gaazexaan kallachaatiin bahe irraa eegalee itti fufiinsan guyyaa hojii **kudha shan (15)** gurguramee guyyaa **hojii 16ffaa Sa’aatii 2:30 hanga Sa’aa 6:00tti** sanduqa sanada caalbaasiif qophaa’ee keessa galee **sa’aa 6:00tti** sanduqni saamsamee guyyama **san** sa’aatii hojii **sa’aa 8:00tti** dorgomtoonni ykn bakka buutoonni iddoo argamanitti ifaatti ni banama.
- Akkuma olitti ibsme guyyaan **16ffaa** caalbaasiin banamu ayyaana ykn cufaa yoo ta’e guyyaa hojii itti aanuutti kan banamu ta’a.
- Waajjirichi haala fooyya’aa yoo argate guutummaan guutuutti ykn gar- tokkeen caalbaasichaa haquudhaaf mirga qaba.

Teessoon:- Magaalaa Adaamaa Naannoo human Ibsaa ykn Teelee duuba ykn Waajjira bishaani Cinaa ykn Mana mare daldalaa cinaatti kan argamu Lakk Bilbilaa 0221-12-78-31 Mana Murtii Ol’aana Magaalaa Adaamaa.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabaluu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Raawwii karoora hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bara 2017

(Kan darberraa kan itti fufe)

Kenna tajaajila Biirichaafi caasaasaa sadarkaan jiran ammayyeessuu

Tajaajila mana hojichaa hamayyaa'aafi tekniolojiiin deggeramee ummataaf kan dhaqqabamu taasisuuf bara darbe hojiin eegalame bara kanas Biirorraa kaasee hanga Aanaaleetti kaka'umsa gaariin itti fufeera. Hojicha caalmaatti itti fufaa taasisuuf sadarkaa Biirootti bu'uuruma bara 2016tti Abbaa Taayitaa Saayinsiifi tekniolojii Oromiyaa waliin piroojektii moosaajii "PISMS, Public Prosecutor Information and Service Management System," ergamoota gurguddoo hammayyeessuu dandeessisu misoomsuuf waliigaltee seenameen bara kanas caalmaatti cimsuun dhaabbanni Itiyotelekom gorsaa piroojektichaa ta'uuniifi Dhaabbata Misoomaa Mootummaa kan ta'e OTECH (kontiraaktara)fi Inistiitiyuutiin Artiifiishaalaa Intelijensii Itoophiyaa (Sub-contractor) qaama moosaajii kana misoomsan ta'anii hojii galmee misoomsuufi dhangala'insa adeemsa hojiilee adda baasuu xiyyeeffannoo olaanaan adeemsifamaa jira.

Karoora fedhii moosaajii haaraa moojuloota 8 qopheessuuf qophaa'ee, hirmaachisummaa qaamota adda addaa karaa mirkaneeseen dookimantii "BRS, Business Requirement Specification" 1 (tokko)fi dookimantii "SRS, System Requirement Specification" 1 (tokko), moojuloota 8 (% 100) qophaa'ee qaama moosaajii misoomsuuf mirkanaa'ee kennameera. Moojuloonni kunneenis:

- Bulchiinsa Abbootii Alangaa
- Sirna Bulchiinsa Naamusa Abbootii Alangaafi Abukaatoo
- Sirna Qorannoo Wixinee seeraafi Hordoffii Hojiirra oolmaa seeraa
- Sirna dhangala'insa galmee Yakkoottaa
- Sirna dhangala'insa galmee Hariiroo Hawaasaa
- Sirna Keessummeessa Komii
- Galmeesa, Mirkaneessaa Sanadootaafi Kenna Hayyamaa Abukaatoofi

Sirna Bulchiinsa Dookimantii (Document management system)dha.

Sadarkaa Raawwii mioma moosaajii PISMS ilaalchisee; Moojullii tokko bara kana misoomee shaakalli fayyadamaa/User Test/ akka taasifamu kan karoorfame yoo ta'u, moojuloonni 4 (% 100 ol) sadarkaa shaakalaa keessa galanii jiru.

Kana malees, kenna tajaajilaa BAAWO caalmaatti hammayyeessuuf, tajaajila Viidiyoo konfaransii (Fakkeenya ragaawwan badii naamusaa Abbaa Alangaafi Abukaatootaa irratti dhageettiin halaalaa ittiin eegalamee jira) jalqabsiisuun danda'amee jira, marsariitii (<https://oag.et>) keenyatti fayyadamuun, odeeffannoo dhimmoota tajaajila abbaa alangummaa hawaasaaf tamsaasuun danda'ameera. Akkasumas, tajaajila E-filing mana murtii bara kana kurmaana 2^{flaa} keessa eegale wajjiinis tarkaanfachuuf tattaaffii cimaa taasifamaa tureen hojiileen bal'aan hojjetamaniiru.

jiru.

Seerotaafi barreeffamoota seeraa ummataaf dhaqqabamaa taasisuufi tajaajila dameelee cimsuu

- Bara kana seerotaafi barreeffamoota seeraa 10,000 karaa websayitii mana hojichaa fi midiyaalee hawaasaa manni hojichaa qabu dhaqqabsiisuuf karoorfamee hanga ammaatti 10,298 ol ta'an soft koppiin qindeessuun karaa weebaayitiif telegiraamii Biiroo Abbaa Alangaafi godinaalee dhaqqabamaa taasisuun danda'ameera.
- Dabalataan kurmaana kana keessa hiikkaa afaan seerota 10 raawwachuuf karoorfanee 17 raawwachu dandeenyerra.
- Seerota BAAWO'n hundeeffamasaarraa kaasee baafate bakka tokkotti qindeessuun bifa kitaabaan maxxansiisuun danda'ameera.
- Dameelee dhaabbii sadanirratti dhimmoota silaa ummanni gara Finfinnee dhufee tajaajilamuu malu 2,593 dhiheenyummaatti keessummeessuun danda'ameera.

Dandeettii hojii ittisa yakkaa dabaluu

Mala ittiin dhaqqabamummaa tajaajila mana hojichaa mirkaneessuuf bara kana keessa karorfaman keessaa kan biraa hojiiwwan yakka ittisu xiyyeeffannoon hojjechuudha. Hojii kana keessatti dhimmoonni xiyyeeffannoon karoorfamanis eeruu kennitootaafi ragaa baatotaaf eegumsa gochuu, yakkoonni ciccimoon ummata keessatti sodaa uummuu malan akka hir'atan xiyyeeffannoon hojjechuu, hubannoo seeraa bal'inaan ummataaf kennuu, miidiyaawwan birood-kaastifi hawaasummaatti fayyadamuun dhimmoota seeraa fi murtiiwwan barsiisoo kennaman irratti hubannoo uumuufi kanneen fakkaatanidha. Haaluma kanaan sadarkaan raawwii agarsiiftuuleen raawwii bu'aa kanaaf karoorfaman warreen ijoo haala armaan gadii kanaan xiinxalamaniiru

1. Ragootaafi eeruu kennitootaaf eegumsa taasisuu

Maloota yakki ittiin ittifamuun dhaqqabamummaan tajaajilaa ittiin mirkanaa'u keessaa tokko namoota dhimma haqaa irratti ragaa bahani ykn eeruu kennuu isaniin dhiibbaan irra gahuuf eegumsa gochuu yommuu ta'u hanga kurmaana kanaatti namoota sababa ragaa ta'uu isaniin miidhaan narra gaha jechuun iyyataniif eegumsa gochuuf karoorfanee namoota sababa ragaa Abbaa Alangaa ta'uu isaniin miidhaan narra gaha jechuun iyyannoo dhiheeffatan 243 keessaa kaneen ulaagaa guutan 243f deeggarsi barbaachisu taasifamee jira.

Hubannoo seeraa ummataa cimsuu

Hojiin hubannoo seeraa ummataaf kennuu milkaa'ina ergama biirichaaf keessumaayyuu yakka ittisu keessatti gaheen inni qabu olaanaadha. Kanaan duras hojiin biirichaafi caasaa isaatiin bal'inaan hojjetamaa turus haalli itti

hojjetamaa tureefi bu'aan irraa argame qindaa'ee kan hin xiinxalamne ta'uusaatiin bara kana hojiin kun akkaataa kamiin hojjetamuu akka qaburratti mariin bal'aan taasifamee caasaa hundaaf kallattiin kennameera. Haaluma kanaan hojii kana eegaluuun dura Godinaaleen karoora hojii kanaa addatti akka qopheeffatan, dhimmoota irratti xiyyeeffatan haala adda baafachuu danda'aniin eeruu yakkaa bara darberraa ka'uun 'crime index' akka baasaniifi walumaagalatti hojicha karaa saayinsawaa ta'een akka raawwatan bu'uuruma kallattii kennameen godinaaleefi Aanaaleen hojiirra oolchaniiru.

Haaluma kanaan hojii hubannoo seeraa ummataa cimsuu idileen raawwatamaa tureen hojii bifa duulaan bakka ummanni heddummaatutti kenname osoo hin dabalatiin hanga kurmaana kanaatti ummata naannichaa hubannoo argachuu qaba jedhamee adda baafame 17,000,000 gahuuf hubannoo seeraa uumuuf karoorfanee raawwiin hanga ammaatti jiru 21,061,315 (% 100) ol ta'ee jira.

Tooftaa hubannoon ittiin kennamea ture keessaa:

- Dhimmoota daldalaarratti sagalee guddiftuu fayyadamuun magaalaa keessa miilaafi konkolaataan socho'uun
- Biroosharii qopheessuun magaalaa keessa raabsuun ummanniifi daldaltoonni akka irraa hubatan gochuun
- Qaama daldalootaafi qaamota hawaasaa adda adda walitti qabuun
- Karaa fuula/foddaa TV, raadiyoo, facebookfi telegiraamiitiin manneen barnootaarratti barattootaaf
- Sagalee guddiftuun bakka gabaan jiru dhaabachuun kennuun

Bara kana hojiin hubannoo seeraa kennuu kun idileefi dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadanirratti ammoo sadarkaa hundatti bifa duulaan akka kennamu kan taasifamaa ture yommuu ta'u, sadarkaa hundatti duulli hubannoo seeraa dhimmoota walkaatu irratti kennuu marsaa lamaan raawwatameera.

Miidiyaa hawaasaafi biroodkaastiin hubannoo seeraa ummataaf kenname

Maloota hubannoo seeraa ummataa dabaluuuf karoorfanee keessaa kan biroo miidiyaawwan biroodkaastiifi hawaasummaatti fayyadamuun ibsa seeraa kennuufi murtiiwwan barsiisoorratti dookimantarii ummanni irraa barachuu danda'u hojjechuun ummataaf dhiheessuu yommuu ta'u, dhimmoonni yakkaa ummanni akka irraa baratuuf sagantaan TV 270, sagantaan raadiyoo 601, barreeffamni feesbuukii 606, dookimantariin dhimmoota seeraa ilaalan hojjetamaniiru.

Bu'aa hojii hubannoo seeraa kennameen dhufe ilaalchisee

- Hojii hubannoo seeraa bifa duulaan kennameen - fooyya'insa Imaammata Dinagdee Gooroo Mootummaan akka biyyaatti taasiseen walqabatee qaal'insa gabaa ittisuu fi to'achuurratti **Gara fuula 3tti**

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Wantootaa dubartoonni ittiin dhiirota caalan

Dubartoonni dhiirotaan qixa ykn dhiirota caalaa waa milkeessuu akka hin dandeenyetti yeroo dheeraadhaaf ilaalchi sirrii hintureera. Haata'u malee, qorannoon tokko tokko akka agarsiisutti dubartoonni wantoota hedduu ittiin dhiirota caalan akka qaban ni mul'isa. Dubartoonni dandeettii dhiirota caalaa yeroo tokkotti hojiiwwan hedduu hojjachuufi ergaa bu'a qabeessa ta'e dabarsuuf ga'uumsa qabu. Keessumaa, hojii tokko ga'uumsaan hojjetanii milkeessuurratti dhiira caalaa obsa qabaachuufi cichoominni qaban guddaadha. Kana qofa utuu hin taane wantoota hedduurratti dubartoonni karoora baasuu, rakkoo furuufi namoota isaanitti dhihoo ta'an kunuunsuurratti dandeettii guddaa qabu.

Kunama bu'uura godhachuun, fuula hawaasummaa keenya turban kanaatiin wantoota murteessoo garaagaraa dubartoonni ittiin dhiirota caalanirratti odeeffannoo fuula miidiyaa hawaasaa BBC Afaan Oromoorraa arganne akka armaan gadiitti qindeessinee isiniif dhiyeesseera.

Hojiiwwan hedduu yeroo tokkotti hojjachuu

Dubartoonni yeroo tokkotti hojiiwwan hedduu hojjechuu kan danda'an yoo ta'u, keessumaa, akkaataa hojii mana keessaa itti hojjetanirratti dandeettiinifi obsi isaan qaban kan nama ajaa'ibudha. Fakkeenyaaf, nyaata bilcheessuu, daa'imasaanii harma hoosisuu, qulqulleessuufi daa'imman kunuunsuufi soorata mana keessaa aluma tokkotti hojjechuu danda'u.

Yuunivarsiitiin Gilasgow qorannoon dhiheenya kana geggeesse akka agarsiisutti carraaqii dubartoonni yeroo tokkotti hojiiilee hedduu hojjechuunsanii ga'uumsaan dhiirota caalaa qaban kan agarsiisuudha. Yuunivarsiitichi dhiirotaafi dubartoota bilbilli isaanii jalaa badeeture 'Pass word' (jecha darbii isaa yaadachuu) irratti ture qorannicha kan taasise. Ogeeyyiin akka jedhanittis, dubartoonni uumamaan waa yaadachuufi waan baay'ee altokkotti yaaduuf hojjechuuf kennaa akka qaban ibsu. Kana malees, dubartoonni dandeettii yeroo tokkotti waan tokkoo ol dandeettii xiyyeeffannoo kennuu akka qaban ragaawwan hedduutu jiru. Kunis, dubartoonni sammusaanii bitaafi mirgaa gidduutti walitti dhufeenyaa guddaa qabaachuu mul'isa jedhu ogeeyyiin. Gamoonni sammuu lamaan hojii adda addaatiifi itti gaafatamummaa qabu.

Gama bitaa sammuu loojikiifi xiinxalaaf itti gaafatamummaa kan qabu yoo ta'u, gama mirgaan ammoo kalaqaafi hubannoof itti gaafatamummaa qaba.

Dubartoonni gama sammusaanii lamaan gidduutti walitti dhufeenyaa guddaa waan qabaniif odeeffannoo haala gaariin adeemsisuufi hojii baay'ee karaa bu'a qabeessa ta'een hojjechuu danda'u. Qorannoon Yuunivarsiitii Yuutaah gaggeesse akka agarsiisutti ammoo dubartoonni haala haaraa waliin haala salphaan walitti madaquuniifi waan haaraa barachuu danda'u. Qorannichi dubartoonni hojii gidduutti saffisaan jijjiiruurratti dhiirota caalaa gaarii ta'uu ibseera.

Dubartoonni maaliif hojii baay'ee hojjechuurratti dhiirota akka caalan yaadonni biroon hedduun jiru. Yaadni tokko dubartoonni akkaataa idileetti dhiirota caalaa itti gaafatamummaa mana keessaa baay'ee waan fudhataniiif hojii baay'ee hojjechuu shaakaluusaaniiti. Yaadni biraa hormooniin ga'ee qabaachuu danda'a, sadarkaan istiroojiinii dubartootaaf dandeettii hojii jijjiiruurratti faayidaa ni qaba.

Umurii dheeraa jiraatu

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!



Dubartoonni dhiirota caalaa, giddu galeessaan gara waggaa shanii olii jiraatu. Fakkeenyaaf, akka ragaan Istaatiksii hamma jireenyaa dhiirota Itoophiyaa agarsiisutti dhiironni giddu galeessaan waggaa 66.9 yoo ta'u dubkan artootaa ammoo waggaa 70.5dha. Biyyota hedduu keessattillee akkasuma kan dubartootaa akka caaluudha ragaan kan agarsiisu caala. Garaagarummaan kun gartokkoon sababoota baayoloojii kan akka jiiniifi hormooniirraa kan ka'e akka ta'etus ibsama.

Haa ta'uu malee, filannoowwan akkaataa jireenyaas gahee guddaa qaba. Dubartoonni yeroo hunda hakiima bira deemuun sakatta'amuufi fayyaasaanii eggachuuf carraa guddaa qabu. Akkasumas, nyaata fayya qabeessa ta'e nyaachuufi sochii qaamaa dhiirota caalaa yeroo baay'ee gochuu barbaadu. Wantoonni kun hundinuu dubartoonni umurii dheeraa akka jiraatan kanneen gumaachaniidha. Dubartoonni dhiirota caalaa umuriin isaanii jiraachuu malees, jireenyasaanii keessaa harka guddaadhaaf fayyaa gaarii qabu.

Dhiirota caalaatti namaan walii galuu danda'u

Dubartoonni dhiirota caalaa namoota waliin walii galu. Kana jechuun, dhiironni namootaan walii galuu danda'an muraasa jechuu osoo hin taane, averterejiidhaan yoo ilaalamu dubartoonni caalmaa qabu. Kunis, dubartoonni dhiirota caalaa sammuu miira namoota biroo hubachuufi deebii kennuu danda'uusaaniirraan kan ka'eedha. Dubartoonni, dhiirota caalaa kan haasa'an yoo ta'u, kunis yaada isaanii ibsuuf isaan gargaaruu danda'a jedhama. Haasawa afaaniin alas mallattoo fuulaafi sochii qaamaa caalaatti fayyadamuu waan danda'aniif salphaatti namaan walii galu. Nama harkatti haasawa qabuu caalaa dabaree eeggatanii haasa'uu waan jaalataniif ergaan isaas milkaa'aa ta'a. Kanaafuu, nama bu'a qabeessa ta'e waliin haasa'uu danda'u yoo barbaadde, dubartiin filannoo kee hunda caalu ta'uu ishee hin oolu jedhu ogeeyyiin. Sammuu miiraafi dandeettii dubbisuufi akeekkachiisa dubbii afaaniin ala ta'eefillee deebii kennuu isaaniitiin yaada isaanii karaa ifa ta'een dabarsuu ni danda'u.

Dubartoonni dhaggeeffattoota gaariidha

Dubartoonni sababoota hedduudhaan dhaggeeffattoota fooyya'oo ta'u jedhama. Obsa qabaachuu, ijaan wal ilaalu, hanga dhiirotaa haasaa addaan hin kutan. Amaloonni kun dhuguma waan namni tokko jedhu akka dhaga'an, akkasumas miira jechoota sana duuba

jiru akka hubatan isaan dandeessisa. Qorannoon Yuunivarsiitiin Meeriilaandi geggeesse dubartoonni dhiirota caalaa dhaggeeffattoota gaarii akka ta'an agarsiisa.

Qorannoon Barruu 'PLOS ONE' jedhamu irratti maxxanfames dubartoonni yeroo haasawa dhaggeeffatan odeeffannoofi bal'inaan yaadachuu akka danda'an akka isaan taasisu ibseera. Qorattooni akka jkedhanitti dubartoonni yeroo dhaggeeffatan gama lamaan sammusaanii kan fayyadaman yoo ta'u, dhiironni ammoo gama bitaa qofa fayyadamu jedhama. Barreessaa qorannichaa adda duree kan tahe Doktor Laawureen Huuman, argannoon kun "dubartoonni hojii dhaggeeffachuuf gosa tokko tokko irratti caalaatti ga'umsa qabaachuu akka danda'an" ibsiteetti.

Itti dabaludhaanis, argannoowwan kun dameewwan akka qorichaafi seeraa, bakka dandeettiin dhaggeeffachuu gaariin barbaachisaa ta'etti dhiibbaa qabaachuu akka danda'u dubbatteetti.

Dhiphina dandamachuu danda'uu

Dubartoonni wantoonni isaan dhiphisan yeroo isaan mudatan dhiirota caalaa dandeettii dandamacahuu qabu jedhu qorattooni. Kanaafis, akka sababaatti wanti dhiyaatu dhiphinni jireenya dubartootaa keessatti waanuma jiruudha jedhama. Kana malees, hojii itti gaafatamummaa hedduu waan barataniif, dandeettii dandamachuu dhiphina haala bu'a qabeessa ta'een ittisuuf barbaachisu qabaachuun isaanii guddaadha. Lammaffaa, dubartoonni dhiirota caalaa miiraa waa hubachuu waan qabaniif kunimmoo dhiphina adda baasuufi karaa gaarii ta'een firuuf isaan dandeessisa jedhama.

Akka qorannoon jedhutti sammuu dubartootaa deebii fooyyee qabu yeroo dhiphinaa murteessuu ilaalchisee sammuu dhiirotaa irraa haala adda ta'een wayyaa qaba. Garaagarummaan kunis dubartoonni dhiphina akka dandamataniifi to'atan gochuurratti faayidaa qabaachuudha kan himamu. Kanaaf, dhiphinni jireenya dubartootaa keessatti waanuma jiru ta'us, haalonni baay'een rakkisoo ta'anillee keessa darbuuf hormoonii, dandeettiin miira dandamachuufi murtee sirrii kennuu cimaa qabu jedhama.

Itti fufa



Tarsiimoon qabeenya dilbii biyyattiin . . .

baadiyyaafi magaalatti bocee hojiirra oolchaa jiru jireenya lammiilee jijjiirraa jiraachuu ibsaniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa baadiyyaafi magaalatti jiruufi jireenya hawaasa keenyaa bu'uurarraa jijjiiruun badhaadhina dhugomsuuf xiyyeeffannoo kennee hojii hojjatamaa jiruun bu'aawwan

gaggaariin argamaa jiraachuu dubbataniiru.

Magaalonni bakka jireenyaa qofa osoo hin taane madda oomishaa akka ta'aniif inisheetivoonni bocamanii hojiirra oolaa jiran hojii dhabeeyyiif carraa hojii uumuurra darbee galma wabii midhaan nyaataan of danda'uu biyyi keenya qabatee hojjataa jirtu

milkeessaa jiras jedhaniiru.

Mootummaan tajaajila si'ataafi haqa qabeessa ta'e hawaasni dhiyeenyatti akka argatuuf caasaan Gandaa haaraa hojiirra oolchees qabatamaan fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessaa jiraachuu dubbataniiru.

Bara kana Avokaadoo kiiloogiraama . . .

gabaa alaatiif dhiyaassuun fayyadamummaa qonnaan bulootaa mirkaneessuuf baay'inaafi qulqullinaan hojjatamaa jiraachuu ibsaniiru.

Godinichatti barana lafti heektaara kuma torbaa ol misooma Avokaadon uwwifamuufi Avokaadoo kiiloogiraama kuma 500 gabaa alaatiif dhiyeessuuf xiyyeeffannoo olaanaan hojjatamaa

jiraachuu himaniiru.

Bulchaa Itti Aanaan Godina Iluu Abbaa Boor Obbo Mahammadxahaa Abbaafixaa, godinichatti galmoota qonnaa akka biyyaatti qabaman milkeessuuf, yeroo jalqabaatiif oomisha Avokaadoo gabaa alaatiif dhiyeessuun sharafa argamsiisuuf ciminaan hojjatamaa jiraachuu ibsaniiru.

Qonnaan bultoonni aanichaa oomisha Avokaadoo kanarratti hirmaatanis Avokaadoo sanyii fooyya'aa gabaatti dhiyeessaa jiruun jiruufi jireenya keenya fooyyeeffachaa jirra jedhan.

Gara fuuldurattis oomishasaanii kana babal'suun ofiifis fayyadamanii diinagdee biyyaas utubuuf cimani kan hojjatan ta'uu ibsaniiru.

Aadaa walgargaarsa hawaasaa . . .

Muhaammad Jundaa Sagantaa Gumii Balbaloormirratti argamuun dhimmoota qorannoon adda ba'an irratti yaada kennaniin buusaan Gonofaa sirna jabaa Oromoon ganamaa qabu ta'uu ibsuun, yeroo ammaa mootummaan sirna Oromoo ganamaa bakkatti deebisuuf hojii bal'aa hojjechaa jiruun Buusaa Gonofaa deebisee ijaaruun yaadama Buusaa Gonofaa rakkoo waloof jedhu hojirra oolachaa jiraachuu eeraniiru.

Yaadama guddaa qabatee hojjechaa jiruun rakkoo xixiqqoo furuu bira darbee mul'ata fagoo qabatee hojjechaa jira kan jedhan Obbo Muhaammad, faayidaa inni buusaa jiru uummanni bal'aan akka beekuufis hubannoon olaanaan kennamaa jiraachuu ibsanii jiru.

Itti dabaluu humnaafi beekumsa uummataa qindeessuun rakkoolee uumamaafi namtolchee mudatan salphisuu akkasumas aadaa walgargaarsaa cimsuurratti hojileen jajjabeessaan hojjetamuu danda'uu

eeraniiru.

Haata'uu malee hanqinaalee hubannoo dhabuu muraasni mul'atan sirrii ta'uu kaasanii jiru.

Buusiin Buusaa Gonofaa ittiin sassaabamu seera faayinaansii Oromiyaatin qofa kan gaggeeffamu ta'uus qaawwan garaa garaa jiraachuufi wanti qorannoo gaggeeffameen adda bahe sirrii ta'uu dubbataniiru.

Uummannis kana beekke kaffaltii buusa Gonofaatiif buusu kamuu karaa seera eeggateen taasisuu akka qabu kaasaniiru.

Calallii deeggaramtootaa irrattis rakkoon qulqullinaa muraasni jiraachuun kan bira gahame ta'uu kan kaasan Obbo Muhaammad, kana sirreessuufis qajeelfamni haaran hojirra oolaa jiraachuu ibsanii jiru.

Namoonni miira eeggattummaa keessaa bahuun aadaa hojii gabbifachuun murteessaa ta'uunis

marii kanarratti kan eerame yoo ta'u, bakka rakkoon jirutti ammoo haqummaan saaxilamtoota calaluun dhimma xiyyeeffannoo barbaadus jedhaniiru.

Buusiin Buusaa Gonofaatiif walitti qabamu murtii Gaaddisa Buusaa Gonofaa naannootiin qofa hojirra oolaa jiraachuufi haqummaa gama kanaan jiru mirkaneessuufis yeroo yeroon too'annoon gaggeeffamaa jira jedhan.

Hoogganaa Itti Aanaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa Obbo Tafarii Bayyanaa gamasaanitiin yaada kennaniin Buusaan Gonofaa dhimmoota gurguddoo sadi irratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu kan ibsan yoo ta'u, aadaa wal gargaarsaa cimsuu, aadaa kennaafi wal bira dhaabbachuu gabbisuu, rakkoo namtocheefi uumamaa osoo hin qunnamin dura of eeggannoo akka taasisan ijaaruufi rakkoon yoo mudate ammoo damdamachiisuu irratti kan hojjetu ta'uu himaniiru.

Oomisha keenya fayyadamuun hirkattummaafi saaxilamummaa diinagdee hambisa jedhame

Kutaa Qophiitiin

Mootummaan Naannoo Oromiyaa oomishaafi oomishtummaa dabaluuun rakkoo dhiyeessii furee qaala'insi jireenyaa akka hir'atuuf hojjechaa jira. Godinaaleefi magaalota Oromiyaa keessattis humni oomishaafi dhiyeessii dabalaa jira. Sadarkaa godinaaleefi magaalotaattis baazaariifi egzibiishiniin oomishaalee torbee daldalaa tibbana adeemsifamaa ture.

Haaluma kanaan guyyaa har'aa immoo baazaariifi egzibishinii torbee daldalaa marsaa 2ffaan sadarkaa Oromiyaatti qophaa'e dhaadhannoo "Kan Itoophiyaa haa bitannuu" jedhuuun Magaalaa Finfinnee Giddu gala Aadaa Oromootti banamee jira. Baazaariifi egzibishinii kanarrattis godinaaleefi magaalonna hundi oomisha isaanii qabatani agarsiisaaf dhiyaatanii jiru.

Hoggantuun Biiroo Daldala Oromiyaa Dr. Yashii Jimaa Kaayyoon agarsiisa egzibiishinii kanaa oomishaalee beeksisuufi walitti hidhamiinsa gabaafi oomishaalee uumuuf kan gargaaruu dha jedhan. Oomishnis karaa seera qabeessaan akka dhiyaatuufi daldala seera qabeessaaf beekamtii kan kennu ta'uus ibsaniiru.

Deetaan ministeera daldalaafi walitti hidhaminsa naannoo Dr. Abdulhakiim Muluus Oromiyaan oomishtummaa guddisuun gabaa tasgabbeessuuf bonaafi ganna hojjechaa jiraachuu ibsanii, oomishaafi tajaajila biyya keenyaarratti ilaalcha jiru jijjiiruuf sochii taasifamaa jiru dha jedhan. Faayidaan torbee daldalaa kunis hubannoo uumuun oomisha keenya fayyadamnee hirkattummaafi saaxilamummaa diinagdee keessaa ba'uuf akka gargaarus himaniiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Bohaartii

Bushraa Alii

Dhimmoota dinqisiisoo waa'ee Koloneel Muhammad Gadaafii muraasa

Walakkaa jaarraa 20ffaa keessa siyaasa addunyaa keessatti namoota dhimmisaanii ijoo dubbii ta'ee darbe keessaa tokko Koloneel Muhammar Gadaafii. Namoota baay'ee waa'een Muhammar Gadaafii yoo ka'u kan dafee sammusaanii keessa dhufu waa'ee gara jabummaafi abbaa irrummaa isaati.

Waggoota 41 inni Liibiyaa bulchaa ture keessatti, hawaasa addunyaafi miidiyaalee dabalatee gocha inni dhiittaa mirga namaa irraan gahu, abbaa irrummaafi deeggarsa shorkeessitootaaf taasisa jedhamuudhan isa himataa turan. Kaan ammoo hoogganaa mul'ata addaa biyyasaafi Afrikaaf qabu jedhanii isa ibsu. Keessumaa lammiiileen Liibiyaa bulchiinsa isarraa fayyadamoo ta'an, ammoo hooggansa isaa jajatu. Innis akka hoogganaa Arabootaa, mootii Afrikaafi falmaa bilisummaa cunqurfamootaatti of ibsa ture.

Gadaafiin seeneeffama kanaan alas wantoota biroo nama dinqisiisuu danda'an tarii namootni baay'een hin beekne ittiin yaadatamu danda'u hedduu qaba. Dhugaawwaan dinqisiisoo Mohaammad Gadaafi namootni baay'een hin beekne muraasni kunooti.

Eegdonni isaa hundi dubartootaa

Dhuma bara 1970mootaatti Gadaafiin yeroo hedduu uffatasaa calaqqisu addatti hojjatamuufin faayamee eegdotas dubartootaan marfamee deema ture. Eegdotni isaa uffata waraanaa uffatan kan maqaa "Amazons" jedhamuufi marshaal aartii leenji'aniidha. Dubartootni kunneen kan eegdotaa filataman durbummaa qabaachuudhaani. Eegdotaa idilee malee eegdotaa dubartootaa addatti leenjii olaanaa qabaniifi isa eegan 40'n ol qaba.

Gareen eegdotaa kunneen eeyyamasaa malee namni kamuu garasaatti akka dhiyaatu hin eeyyaman. Viidiyoo hedduu ilaalame tokkoratti, namoota walitti qabaman keessaa namni tokko harka Gadaafii xuquuf yeroo yaaletti eegdotasaa kessaa tokkoon rukutamuu mul'isa. Garuu eegdotasaa kunneen waliin walqunnamtii saalaa taasisaa akka tureetti hamatama. Dubartii uummata gidduutti dubbise ykn arge yeroo biraa deebi'ee arguuf akka haala mijeessaniif hojjetoota isaatiif illee mallattoo qaba ture. Mallattoo sana irratti hundaa'uun, miseensota gareesaa keessa tokko dubartii sana uummata keessa gara cinaatti baasuun gara masaraa Gadaafiitti akka dhufu affeeraa ykn waamicha taasisaaf. Haala kanaan dubartoota lakkoofsan hedduu ta'an waliin wal qunnamtii saalaa raawwachuudhan maqaan isaa ka'a.

Liibiyaa keessatti ulfa baasuun seeraan nama gaafachiisa ture. Gadaafiin garuu kilinika yaalaa guddaa lafa jalatti ijaarsisuun hojjettoonni fayyaa ulfaa hedduu kan inni itti gaafatamu baasaa akka turan ragaaleen kan ibsan. Eegdotasaa keessaa kanneen 5'n ta'anis humnaan gudeeddiin ykn miidhaan saalaa Gadaafiidhaan ykn ilma Gadaafiin irratti raawwatamuu himataniiru.

Gadaafiin haadha warraa lama kan qabu yoo ta'u, Haati warraasaa jalqabaa barsiistuu kan turte yoo ta'u, ji'a jahaan booda gargar ba'ani ilma Muhaammad jedhamu tokko waliin qabu. Haadhi warraasaa lammaffaan, Narsii yoo taatu, haadha ijoolleesaa torbaati. Akkasumas narsii lammii Yukireen dabalatee jireenyaasaa keessatti deeggartoota dubaraa isa bira dhaabbatan hedduu qaba ture.

Bakka deemu hundatti dukaana qabatee deema ture

Muhammar Gadaafiin wayita Liibiyaa Tiriipoolii keessa turu mooraa dallaa cimaa qabuufi yoo rakkoon uumame ulaa ittiin miliqu hedduu qabu keessa jiraachaa ture. Garuu yeroo biyya alaa deemu hundatti dukaana rasaasa hin dabarsine qabatee deema ture.

Hoteelota caalaa dukaanasaa galaana qarqara ykn naannawa gammoojjitti dhaabbatutti of amana. Dukaanasaa kana keessatti keessummoota biyya alaa waliin wal arga, akkasumas ibsa gaazexeessitootaaf kenna ture. Sababaa garuu ifatti dubbatee hin beeku. Haa ta'uu malee dukaannisaa kun baay'ee guddaa waan tureef bakka inni deemu hundatti xiyyaara adda ta'een geejjibisifamaa ture. Wayita walga'ii Dhaabbata Biyyota Gamtoomaniiratti hirmaatu yeroo baay'ee dukaanasaa Poorchugaal keessa dhaabee, achiis ganama barii gara Niiwu Yoorkitti balali'a. Sana booda gara



Poorchugaalitti deebi'a dukkaanasaa keessa bulaa ture.

Liifti keessa galuufi xiyyaaran balali'uu sodaata

Gadaafiin dukaanasaa sababni baattatee deemuf tarii tokko liiftii hoteelota gurguddoo keessa seenuu waan sodaatuuf ta'uu mala. Sababaa takkaa ibsee hin beeku garuu olk'iinsa baay'ee sodaata ture. Ol ka'iinsaa faana 35 ol qabu darbuu hin fedhu. Namoonni hedduun sodaa kana ni qooddatu, garuu kan Gadaafii sadarkaa daangaan ol ta'etti mul'ate. Yeroo danda'etti xiyyaaraan balali'uurras of qusata. Liiftiis fayyadamuu hin jaalatu. Gamoodhuma olka'iinsa guddaa qabu bahuuf hedduu rakkata.

Balallii sa'aatii saddeet ol ykn galaana gurguddaara isa imalchiisu yeroo baay'ee magaalaa tokkotti bu'ee akka boqatu ykn filannoo biraa sodaasaa kana xiqqeessuuf barbaaduun dirqama. Kanaaf yeroo Gadaafiin karoora imala dheeraa qabutti imalasaa haala kanaan qindeessuuf hojjatootasaa irratti dhiibbaa guddaa uumaa ture. Fakkeenyaaf, imalli inni Liibiyarraa gara Niiwu Yoorkitti godhe, Poorchugaal keessatti boqonnaa taasisuu qabu dabalata. Kun tarii imala dheeraa sana keessatti sodaasaa akka salphisuuf isa gargaara.

Kondoliizaa Raayiz akka malee dinqisiifata ture

Gadaafiin Ministira Dhimmata Alaa duraanii Koondoleezzaa Raayis "dubartii gurraattii Afrikaa jaallatamtuu" jechuun waamu. Raayis bara 2008 Tiriipooliitti wayita daawwannaa taasisan faayaa miidhaginaa gatii doolaara kuma 200 baasu dabalatee kennaa hedduu isheef kenneera. Haata'uu malee, hammam akka ishee jaalatu kan ifa ba'e erga inni du'ee suurawwan ishee hedduu yaadannoo keessa argamuudhaani. Albaamii suuraa of eeggannoodhaan qindaa'eefi suuraawwan Ruuzii hedduudhaan guutame ture.

Yoom akka dhalatee namni beeku hin jiru

Koloneel Mohaammad Gadaafii jalqaba bara 1940moota keessa akka dhalate tilmaamama. Garuu maatii gosa Liibiyaa Bedowin kana ragaa dhalootaa hin galmeessine keessatti dhalate. Gosti Gadaafii garmalee harka qal'eeyyii waan turaniif re'eefi gaala tiksaa jireenya baay'ee rakkisaa keessa darbe. Liibiyaa keessatti barnoonni bilisaa waan hin turreef, gosa Gadaafii keessaa namni ijoolleesaa gara mana barumsaatti erge hin jiru jechuun ni danda'ama. Abbaan Gadaafii garuu ilmasaa kana keessatti dandeettii wayii arguun umuriisaa xiqqaatti dooniidhaan gara mana barumsaa erge.

Maatiisaa waliin wal qunnamtii qabaachuuf baay'ee fagoo waan tureef naannoo umurii torbaatti Gadaafiin masjiida keessa ciisee barataa ture. Barataa cimaa ta'uun barnoota sadarkaa lammaffaa booda gara Ingilaanditti imaluun leenjii loltummaa fudhate.

Gadaafiin leenjii loltummaa kan baratuuf mootummaa kuffisuuf qofa akka ta'ellee hin dhoksine.

Bara 1969'ti Gadaafiin gamtaa qondaaltota dargaggootaa waliin hundeessuun fonqolcha mootummaa raawwate. Wayita sana mootummaan biyyattii yeroo sana daawwannaa biyya Girik waan hin turreef utuu dhukaasni tokko hin dhukaafamin aangoo qabate. Erga aangoo qabatanii waggaa tokko keessatti, ammallee gareen qondaaltotaa mufatan kan biraa fonqolcha mootummaa isarratti raawwachuuf ta'uu odeeffannoo basaasaa argate. Sanaanis yeroo gabaabaa keessatti gara mootummaa abba irreetti jijjiiramee waggoota 40 biyyatti bulche.

Seerota bara bulchiinsa isaa turan muraasa

Gadaafiin namni hundi mana argachuun isaaf mala jedhee amana ture. Kitaabnisaa 'The Green Book' kan bu'uura falaasama siyaasaasaa ta'e keessatti, manni jireenyaa fedhii bu'uura dhala namaa akka ta'e ibse. Qajeelfamni kun manneen barnootaa Liibiyaa keessattillee akka qaama kaarikulamii biyyaaleessaatti barsiifamaa ture.

Barnoonniif eegumsi fayyaa lammiiilee Liibiyaa hundaaf bilisaan akka kennamu yaalera. Gatiin barnootaafi fayyaa biyyoota Afrikaafi Arabaa hedduu keessatti akka hir'atuufi sadarkaan isaanii fooyya'uuf gumaacha guddaa ba'eera. Qonnaan bultoonni lafaafi meeshaalee tolaan akka argatan taasisa. Imaamatni kunis qonnaa guddisuufi hirkattummaa nyaata biyya alaatii galfamu hir'isuuf kan kaayyeffate ture. Haadhooliin yeroo jalqabaaf da'umsa eegalan deeggarsa maallaqaa doolaara kuma 5 argatu. Kunis nageenya maatiifi tasgabbi diinagdeef akka ta'e ibsame.

Bara bulchiinsa Gadaafii lammiiileen humna ibsaa kaffaluuf yaadda'uu hin qaban, ibsaan bilisa. Kunis mootummoota hedduu biratti kan baratame hin turre. Qabeenya boba'aa biyyattiin qabdu irraa dureeyyota biyya alaa hari'uun biyyattiin akka ofiif qabeenya ishee kanatti fayyadamtu taasise.

Waa'ee Gadaafii dhimma baay'ee falmisiisaa ta'e keessaa tokko maallaqa Afrikaa warqeen deeggaramu, kan Afrikaan tokkummaa qabduufi maallaqa biyya alaa akka doolaara Ameerikaa ykn Yuuroo irratti hirkachuu dhiistee warqee daldalattu yaada dhiyeesse. Karoorri kun yoo hojiirra oole gabaa addunyaa jeequufi biyyootni Afrikaa qabeenya isaaniif gatii madaalawaa akka argatan humna kennuu danda'a ture. Yaadni kun ammoo biyyootni miseensa NATO ta'aniifi Ameerikaan akka isarratti xiyyeeffatan isa taasisa.

Maddi: BBC Afaan Oromoo

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Caalbaasii Ifaa Lakk. 01 Bara 2018

Waajjirri Maallaqaa Aanaa Abuunaa Gindabarat hojii Seekteroota Aanaa bara Baajataa 2018tiif kan oolu Uffata Seeraa, Meeshaalee Barreessaa ,Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Elektrooniksii, Meeshaalee Dhaabbataa Biiroo Keessaa,Doqdoqqeewwan (Motorsayikiloota) gosa adda addaa ,Gommaawwan konkolaataa fi Meeshaalee Ijaarsaa gosa adda addaa Labsii Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 157/2002 fi Qajeelfama Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk. 02/2004 irratti hundaa'uudhaan Caalbaasii ifaatiin dorgomsiisee bituu barabaada.

Ibsa Balli'inaan

Caalbaasiin kun guyyaa Gaazexaan kallacha oromiyaa irratti bahe irraa calqabee gosoota fi waliigala Odeeffannoo meeshaalee bituuf barbaadaman kan ibsu sanada caalbaasii akaakuu bittaa tokko tokkoon qophaa'e kan hin deebine qarshii 300(dhibba sadii) kanfaluun yeroo hunda sa'aatii hojii mootummaatti waajjira Maallaqaa Aanaa Abuunaa Gindabarat kutaa Bittaa waajjirichaa deemuudhaan Bitachuu ni danda'ama. Ulaagaa Dorgomtoonni Guutuu qaban

- Gibira Bara 2017 kan kaffalanii fi Zarfii/Damee/ daldala meeshichaatiin Eeyyama daldalaa bara 2018tiif kan oolu haarome kan qaban, ragaa footoo koppii qabatamaa dhiyeessuu kan danda'an.
- Galma'aa taaksii Dabalataa Qabeenyaa /VAT/ kan ta'aniif footoo koppii sartiifikeetii dhiyeeffachuu kan danda'an.
- Tarree dhiyeessitootaa keessatti kan galmaa'anii fi ragaa galmee dhiyeessummaa Ministeera Maallaqaa ykn Caasaalee sadarkaan jiran irraa baasanii koppii isaa dhiyeeffachuu kan danda'anfi sababa adabbiitiin tarree dhiyeessitootaa keessaa kan hin haqanne.
- Dorgomtoonni kamiyyuu baay'ina gatii waliigalaa Meeshaalee dhiyeessanii kabachiisa caalbaasii Qar.50,000(kuma shantama)lakk.Herreega Baankii Waajjirichaa 1000438253649 A/G/W/G/EC/TIB/TSBET MEDEBEGNA BAJ baankii Daldaala Itoophiyaatti dhangalasuun isliipii ittiin Baankiitti dhangalasan dhiyeeffachuu kan danda'uufi sanada caalbaasii waliin poostaa saamsame keessa kaa'uudhaan dhiyeeffachuu kan danda'u.
- Dorgomtoonni gatii meeshaalee tokko tokkoon ittiin dorgoman sanada caalbaasii irratti qofa guutuudhaan orjinaalaa fi footoo koppii isaa kopha kophaatti (qofaa qofaatti) poostaa samsameen dhiyeessuu qabu.
- Caalbaasiin kun guyyaa Gaazexaa irratti bahee irraa eegalee kan lakkaa'amu Guyyoota hojii walitti Aanaan hanga Guyyaa 15tti sa'aatii hojii mootummaatti Sanadni Caalbasicaaf qophaa'e dorgomtootatti kan gurguramu ta'a.
- Haaluma kanaan gaafa guyyaa 16ffaatti ykn guyyaa 7/01/2018 waaree booda sa'a 8:00 irratti waajjira Maallaqaa Aanaa Abuunaa Gindabarattii kutaa Bittaa saanduqa sanada caalbaasii kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasiin kun guyyaa 16ffaa ykn Gaafa Guyyaa 7/01/2018 waaree booda sa'atii 8:30 irratti dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni seeraa qorgomtootaa akkasumas qaamoleen irratti hirmaachuu barbaadan bakka argamanitti ni banama.
- Dhaabbatni caalbaasicha galche ykn bakka bu'aan jiraachuu yoo baates poostaan isaanii ni banama.
- Guyyaan sun akka carraa ta'ee kalaandarii kan cufu yoo ta'e guyyaa hojii itti Aanutti sa'aatii jedhametti kan raawwatu ta'a.
- Dorgomtoonni caalbasii kana mo'atan baasii kamiyyuu danda'uudhaan meeshaalee irratti mo'atan mana kuusaa waajjira Maallaqaa Aanaa Abuunaa Gindabarattii (Magaalaa B/Qalaaxeetti) dhiyeessuun Moodela 19Atti maqaa isaanitiin Galii Gochuun dirqama qabu.
- Kaffaltii Maallaqa gatii meeshaalee dhiyaataniif taasifamuuf akka mijaa'u dhiyeessan kamiyyuu Maqaa Dhaabbata isaatiin herreega Baankii daldala Itiyoophiyaatti ykn Baankii Siinqeetti baname qabaachuu fi dursee beeksisuu qabu.
- Waajjirichi Fala ykn filannoo biraa yoo argate caalbaasii kana gartokkeenis ta'ee guutummaan guutuutti haquuf mirga guutuu qaba.
- Waajjirichi kaffaltii gatii Meeshaa dhiyaate irratti taaksii mootummaa (Whiholding %2 guutuu fi VAT walakkaa(7.5%) isaa qabee hambisuun Mootummaadhaaf dhangalaasuuf dirqama itti kenname raawwachuuf mirga guutuu qaba.dorgomtootnis kana beekanii raawwachuuf dirqama qabu.
- Dorgomaan kamiyyuu meeshaalee sammudni irratti gaafatamaniif sammuada, Meeshaa qulqullina qabu dhiyeessuu qabu. ykn kan suuraadhaan gaafataman suura meeshaachaa sirritti ibsu yeroo Gaafatamanitti dhiyeessuu qabu.
- Dorgomaan Guyyaa Sanadni kun banamee Mo'achuu isaa Guyyaa bare irraa Eegalee Guyyoota hojii walitti Aanaan 10(kudhan) keessatti Waajjira Maallaqaa Aanaa Abuunaa Gindabarat waliin Waliigaltee Mallatteessuu qabu.
- Dorgomaan hundumtuu poostaa sanada yaada dorgommii dhiyeessu duuba isaa irratti Bilbila dhaabbata isaanii ykn Manaajera dhaabbata isaanii kan hojjetu fi E-mail isaanii kan hojjetu ifaatti barreessuu qabu Odeeffannoo Dabalataa barbaadamuuf lakk. Bilbilaa 0910856207/0912637060 Waajjirri Maallaqaa Aanaa Abuunaa Gindabarat.

Beeksisa Caalbaasii Ifaa Gurgurtaa Lakk. 01/2018

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Ejensiin Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenya Mootummaa Konkolaattotaa, Traakeraa fi Motorsayikiloota gosa addaa addaa tajaajilaan alaa Sadarkaa Biiroo/ Godinaa/Magaalaa fi Aanaatti argaman Caal-baasii Ifaadhaan dorgomsiisee gurguruu barbaada. Kanaaf-dorgomtoonni caalbaasicha irratti dorgomuu barbaaddan guyyaa beeksifni kun gaazexaa irratti bahee eegalee hanga Fulbaana 12 / Bara 2018tti sanada caalbaasii bitachuu kan dandeessan yemmuu ta'u:-

- Teessoon Ejensichaa Finfinnee, Kutaa Magaalaa Lidetaa, Hospitaalaa Baalchaa duuba/Hospitaala Poolisii Itiyoophiyaa fuuldura Gamoo Caffee Annanii, Daarektoreetii Bittaa, Faayinaansii fi Bulchinsa Qabeenyaa Ejensichaa Darbii 3^{ffaa}(3rd Floor)Biiroo Lakk-03 dhihaachuun Qarshii 400.00/ dhibba Afur//kan hin deebine kaffaluun sanadicha Darbii 3^{ffaa}(3rd Floor)Daarektoreetii Tilmaama Gatii fi Gurgurtaa Qabeenyaa Biiroo Lakk-02 irraa fudhachuu dandeessu.
- Sanada caalbaasii bitachuu kan dandeessan guyyoota hojii yeroo hunda ganama sa'a 2:30- 6:30 fi sa'a booda 7:30—11:00 tti qofa dha.
- .Haala qabeenyichaa ilaalchisee hanga Fulbaana 12 ,Bara 2018tti guyyoota hojii yeroo hunda ganama sa'a 2:30- 6:30 fi sa'a booda 7:30—11:00 tti qofa haala sanada caalbaasii keessatti ibsameen bakka qabeenyichi argamutti dhihaachuun ilaaluu ni dandeessu
- .Dorgomtoonni sanada yaada dorgommii ykn gatii guyyaa beeksifni kun bahee kaasee hanga Fulbaana 13/01/2018 Bara 2018 tti sa'aa 5:00 W.D poostaa (envelop) saamsameen dhiheessanii saanduqa Ejensiin caalbaasichaaf qopheesse keessa galchuu qabu.
- Caalb.aasichi Fulbaana 13 Bara 2018tti Sa'aa 5:00 W.D tticufamuun guyyuma sana sa'aa 5:15 W.D bakka dorgomtoonni ykn.bakka buutonni seera qabeessa isaanii argamanitti ifaan ni banama.
- Dorgomtoonni gatii Ka'umsa Sanada Caalbaasii irraa dhibbeentaa digdama (20%) kabachiisa Wabii caalbaasii C.P.O baankiin Mirkanaa'e Maqaa Mana Hojii Oromia Public Procurement & Property Disposal Agency qopheessuun poostaa gaaffii yaada dorgommii qophaa'e keessa galchuun dhiyeessuu qabu.
- Manni hojjichaa filannoo biroo yoo argate caalbaasicha gar-tokkeen ykn guutummaan guutuutti haquuf mirgi isaa kan eegamedha.

CPO Hojjechiisuuf

Oromia Public Procurement & Property Disposal Agency
Finfinnee

የኢትዮጵያ ብሔራዊ ከተማ ልማት ሚኒስቴር ጋር ለማስተካከል

ፎንድ

Odeeffannoo dabalataa Lakk.Bilbiluun 011-1-8340-636'n bilbiluun hubachuun ni danda'ama

Caalbaasii Bittaa Meeshaalee

Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Luugoo bara baajata 2018 tti meeshaalee tajaajila Mana Murtii keenyaaf oolu **Meeshaalee Barreeffamaa, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Elektirooniksii, Uffata Seeraa** Caalbaasii Ifaatiin baasee dhaabbilee ulaagaa armaan gadii guutan dorgomsiisee bituu barbaada. **Kanaafuu:-** Dorgomtoonni caalbaasii kana irratti hirmaachuu barbaaddan Ulaagaa kanaa gaditti ibsame kan guuttan affeeramtanii jirtu.

- Dorgomtoonni dorgommii irratti hirmaachuu barbaaddan Hayyama daldalaa seera qabeessa ta'ee **Meeshaalee Armaan Olitti Lakkoofsa 1 hanga 4ffaatti ibsame** irratti kan qabaniif fi hayyama isaanii kan haaromsiisan(haaromfame)fi kan kafalan ta'uu qaba.
- Daldaltoonni galmaa'aa **VAT kan ta'aniif Tin number** kan qaban ta'uu kanaafis ragaa dhiyeeffachuu kan danda'an ta'uu qaba.
- Daldaltonni galmee ragaa biiroo maallaqaa fi walta'insa federaalaa irratti dhiheessaa fi galmaa'aa ta'uu isaa kan ibsu kooppii isaa qabsiisuu kan danda'u ta'uu fi ykn Biiroo Maallaqaa fi walta'insa naannoo irraa galmee dhiheessitootaa (**Supplier list**) irratti kan galmaa'an ta'uu fi kanaaf ragaa dhiheeffachuu kan danda'an ta'uu qaba.
- Dorgomtoonni sanada caalbaasii fudhatan irratti **chaappaa dhaabbaticha** isaanii ibsuu fi Mallattoo qabaachuu qaba. Akkasumas sanadni caalbaasii poostaa lamaan (**2**) Orjinaalaa fi kooppiin qophaa'ee saamsamee adda bahee dhiyaachuu qaba.
- Dorgomtoonni meeshaa mo'atan baasii geejjibaa isaanitiin fe'anii Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Luugoo tiif dhiheessuu qabu.
- Dorgomaan caalbaasii irratti hirmaatu kamuu kabachiisa caalbaasii sanada caalbaasiiif dhihaate **hunda (tokkoon tokkoo)** irratti **CPO Cheekii** Baankiin mirkana'e qarshii **3,000(kuma sadii)** qabsiisuu qaba.dorgomaan caalbaasiin mo'atame mo'atamuu isaanii erga mirkanaa'ee booda **CPOn** kabachiisa Caalbaasiitiif qabsiisan kan deebi'uuf ta'a.
